Kana males gaaffiin mirga abbaa biyyummaa fi abbaa qabeenyummaa irratti ka’ee jiru, hatattamatti fala kan hin argatin yoo taate, rakkoo uumamuuf mootummichi itti gaafatamummaa fudhatuu qaba jechuun jiraattonnis mufii isaanii dhageesisaa jiran.

ODUU

# Loltoonni Agaazii jiraattoota godina Shawaa Lixaa hiraarsaa jiru.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




OMN:Oduu Wax.28,2016 Godina Shawaa lixaa aanaalee hedduu keessatti loltoonni mootummaa sakkata'iinsaa fi reebicha hamaa geggeessa jiraachuu jiraattoonni dubbatan.

Akka jiraattoonni himanitti, loltoonni kun baadiyaalee hunda keessa naannayuun shammarranii fi dubartoota Oromoo gudeeduu itti fufanii jiru jedhan.

Raayyaa ittisa biyyaa, poolisoota Federaalaa fi loltota Agaaziitiin gochaaleen foffokkisaa ta'an, jiraattota godina Shawaa lixaa irratti raawwatamaa jiru haalaan jabaatee jira.

Aanaalee hedduu keessatti reebicha, sakkatta'iinsaa fi dararamiinsi jiraattota irratti geggeeffamaa jiru wayta ammaa kan hammaate yoo ta'u, namoota baayyee ammoo qabanii hidhaa jirus jedhamera.

Namoota hidhaman keessaa manguddoonni umariin waggaa 70 jiraachuullee jiraattonni dubbatan.

Jiraataan godinichaa akka nuuf himanitti, loltoonni mootummaa kun meeshaa waraanaa gurguddaa hidhachuun magaalaa fi baadiyaa hunda keessa deemuun namoota dararaa jiru jedhan.
Loltoonni kun manniin barumsaa, buufata fayyaa fi waajjiraalee hedduu keessa kan qubsiifaman yoo ta'u, jiraattoonnis rakkoo hamaa keessa jiraachuu dubbatan.

Akka namni kun jedhanitti yeroo gara yerootti gidiraan jiraattota godina Shawaa lixaa irratti raawwatamaa jiru haalaan hammaatee jira.

Manniin jiraattotaa dabalatee magaalaa keessatti manniin siree hundi sakkata'amaa jira.
Baadiyaa hunda keessa naannayuun gara jabeeyyiin hoomaa waraanaa kun shamarranii fi dubartoota irratti gudeeddii raawwataa jiru jedhan.

Magaalaa Gincii keessaa ammoo manguddoon umriin isaanii waggaa 70 ta'an loltoota kanaan qabamanii hidhamanii jiru. Daragaggoonni hedduun ammoo reebamaa jiraachuu himan.

Hoteelonni manniin siree hundi loltoota kanaan sakkata'amaa kan jiran yoo ta'u, namoonni manniin siree bulan, waraqaan eenyummaa isaanii gaafatamuun, doorsifamaa akka jiranillee himan.
Kana raawwachuun mootummichaa ammas bifa itti fufiinsa qabuun mormiin ummataa geggeeffamuu mala shakkii jedhuun ummata dararaa jira jedhan.

Loltoonni mootummaan bobbaase kun biyya nagaa qabdu keessa naannayuun ummattoota nagaa dhoorgaa jiru kan jedhan namni kun, kanarraa ka'uun jiraattoonni hundi yaaddoo keessa seenanii jiru.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Kun kanaan osoo jiruu mormii guutummaa godina Shawaa lixaa keessatti geggeeffameen, mootummaan biyyattii bulchaa jiru, jiraattota sanyii filatamaa fi xaa'oo dhoorgatee rakkisaa jira jedhan.

Haala amma argaa jirru kanaan biyyattiin mootummaa fi seer-dhablee taatee jirti jechuun dubbatanii jiru.

---

https://youtu.be/TQKkLTKPQjs

## Qabsoon Itti Fufa!

June 25, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





---

---

## Godina Arsii Aanaa Diksiis fi Magaala Hamdaa Akkasumas Asaasaa Keessatti FXG Itti Fufee Oole.

June 25, 2016

**Waxabajjii 25,216**

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



Godina Arsii aanaa Diksiis magaalaa Hamdaa keessatti guyyaa har'aa mormii barattoonni mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa godhaa oolani.

Kana malees ummanni Magaalaa Asaasaa fi naannoo ishee mormiirra ooleera mormiilee isaanii keessatti ajjeechan gara jabeenyaa kan addatti ummata Oromoorratti raawwataa jiru haa dhaabbatu nuti wayyaanen hin bullu soba Wayyaanee hifanne jechaa oolaniiru, Arsii magaalota hedduu keessatti waraana akka cabbiitti gadi naquun ummata sochii dhoorgaa jiru.

---

TPLF's delegates being escorted by police in Rotterdam, Netherlands after their planned event was forcefully cancelled by #OromoProtests, 25 June 2016.

Lukkee Wayyaanee bifa kanaan poolisiin Holland ummata jalaa baasee geggeesse.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



# Demonstratie in Rotterdam tegen ‘genocide’ Ethiopië

Demonstratie tegen de Ethiopische regering (Foto: Marianne van den Anker)
De emoties liepen hoog op toen ambassademedewerker met een busje vertrokken
Demonstratie tegen ‘genocide’ Ethiopië
Kinderen in de Ontdekhoek konden pas vertrekken na de demonstratie27 juni – oromo demonstratie
http://www.rijnmond.nl/nieuws/143445/Demonstratie-in-Rotterdam-tegen-genocide-Ethiopie

Honderden demonstranten blokkeerden zaterdag een zaal in Rotterdam waar leden van de Ethiopische ambassade aanwezig zouden zijn. De emoties liepen daarbij hoog op.

De activisten zijn woedend op de Ethiopische leiders. Die zouden zich schuldig maken aan ‘genocide’ op de Oromo, de grootste etnische groep in het land.

”Duizenden Oromo zijn gearresteerd en in hechtenis”, staat te lezen in flyers, die door demonstranten werden uitgedeeld aan de Tamboerstraat in Rotterdam.

**Eieren**
De sfeer tijdens de protest was gespannen. De activisten bekogelden een busje met vertrekkende ambassademedewerkers met eieren.

Het vertrek van de Ethiopische functionarissen ging verder gepaard met veel gejoel en geschreeuw. De politie moest de aanwezige demonstranten in bedwang houden.

Voor de jonge bezoekers in het aangrenzende kinderwerkplaats de Ontdekhoek was de demonstratie even schrikken. Zij moesten enige tijd binnen wachten.

**Veiligheidstroepen**
Mensenrechtenorganisatie Human Rights Watch sloeg eerder deze maand alarm over het gewelddadige optreden van veiligheidstroepen in het Afrikaanse land.

Zij zouden sinds november vorig jaar tijdens demonstraties zeker vierhonderd activisten hebben gedood. Ook zouden tienduizenden mensen zijn opgepakt.

De Oromo demonstreren volgens de activisten in Rotterdam tegen illegale landroof door de regering, die boeren hun land zou afpakken.

---

OromoProtests in Asaasaa, Arsi, Oromia, 25 June 2016.

Waxabajjii 25 bara 2016 Arsii Lixaa Magaalaa Asaasaatti har’a mormii ummataa cimaatu godhamaa oole.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com






Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



OMN: Oduu Wax. 24, 2016




OMN: Oduu waxabajjii 23,2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



#FxG Kuni injifannoo guddaaadha Uummatni Oromoo Xiqqaaf Guddaan Bakka Oolumsa isaa hunddaatti qabsoo finiinsaa jiraachuun nama oonnachiisa. Bakka jiruu ofii hundatti mallattoo biyya ofii fi eenyummaa ofii ibsu godhachuun sabboonummaa ofii cala'qi'siisa. Diina ofii funyaan jala taa'anii ittiin morkuun #Gootummmaadha. Oromoon Goota.



Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## #OromoProtests, June 24, 2016

Ouu gaaddisisaa

Waxabajjii 24 bara 2016 yunivaristii saayinsifi tekinolojii Adaamaa keessattii kana argamuu Gumiin Aadaa fi seenaa oromoo ykn GASO kab jedhamu guyyaa haardha tana galgalaa 12:00 irraa kasee saganta ballee ykn Angoo fi hundeefama waggaa 10 ffaa gumichaa kabajacha olaan haa ta'u malee saganata kana irrattii kan argamaan keessummaa kabaja ta'udhaan. Dargagoo
# Firaa'ol Damee
# Iaalisaa Dagagaa
# Eebbisee
kan jedhaman xumuraa sagantichaa irrattii ukamfamani fudhatamanii jiruu. waa nama gadisisuu keessaa muccayoo maqaan ishee eebbisee jedhamtuu.hiriyyaa firaa'ol waan taateef imimmaa ishee osoo dhangalasaa jirtuu naasuu tokko malee ergamtooni wayyaanee ukkamsanii konkolaata keessattii darbanii fudhatan deemani kana. kuni kanan osoo jiruu dargagoo laalisaa dagaga muccaa jedhamus batalumaa akka bubbee obonboleetii lafa ol kasanii taratanini jiruu yaa oromoo maaliu keenya malii. ijolleen kun balleessaa tokko malee fudhataman.




## "Qawwee Kee Mukatti Hirkisi" Jechaa Mootummaa Wayyaanee Balaaleffachuun Qeerroon Godina Wallaggaa Aanaa Gullisoo Guyyaa Har'aa Waxabajjii 24,2016 FXG Gaggeessan.

June 24, 2016

Video Player

## Lixa Oromiyaa Keessatti Warraqsi FXG Jabaatee Itti Fufuu Qeerroon Gabaase.

June 24, 2016

**Waxabajji 24,2016**

Godina





Wallaggaa lixaa aanaa najjoo bulchiinsa magaalaa Warra Jirruu keessatti fincilli xumura garbummaa bifa haaraan dhohee jira.Fincilli kun kan jalqabe baratoota mana barumsaa sadarkaa 2ffaa magaalattiin yeroo ta,u fincilichi daran jabaachuun guutummaa uummata magaalattii

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

dhuunffachuun dhaga,amee jira.
Dhaadannoowwan jajjaboof Walleewwan onnechiisoo wallee warraaqsaa dhageessisaa tura.Humni federaalaas baratoota nagaa irratti dhukaasa banuun magaalattii goolaa jiraachuu maddeen keenya achirraa nu qaqaban ifa godha

## Godina Wallaggaa Magaalaa Giddaa Ayyaanaa Keessatti FXG Akka Itti Fufetti Jira.

June 24, 2016





## FXG Dhaabuuf Wayyaaneen Trakaanfii Ilmaan Oromoo Irratti Fudhataa Jirtu Itti Fufus FXG Jabeessee Iti Fufeera

June 24, 2016

**Waxabajii 23,2016**

Wayyaaneen yeroo ammaa oromiyaa keessatti FXG dura dhaabbachuudhaaf ajjeechaa haalli isaa hin beekamne kan bifa jijjiirrate dhokataa ilmaan Oromoo irratti raawwataa jiru addatti godina Arsii lixaa magaala shaashimanneetti torban lamaa asitti ilmaan Oromoo nagaa irratti tarkaanfiin ajjechaa raawwataa jiru daran suukkanneessaa kan taheedha. Kana malees waraanni wayyaaneen kan aggaamee ajeese mootummaan gaafatamaa jalaa bahuuf lola dhuunfaa fi firaatti jijjiiraa jira. akka fakkeenyaatti shamarree guyyaa lamaan dura calanqootti ajjeefamte mootummaan wayyanee lola dhuunfaatti jijjiiree jira. kan waraanni ajjeese akka waan firaan, dhuunfaadhaan lolli uumamee lubbuu ilmaan Oromootti taphataa jira. Haatahu malee akkasuma godina Arsii lixaa magaala Shaashimanneetti lubbuu halkan halkan darbee bulu hin dhaabbanne hanga

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

ammaatti.
Mootummaan Wayyaanee shiroota garagaraa xaxee dadhabee milkaawuu hin dandeenye. Haala kanaan amma oromiyaa keessa godina shawaa lixaa, Wallagga lixaa, Wallagga bahaa keessatti kaleessa Waxabajii 22/2016 irraa kaasee ajjechaan ilmaan Oromoo irratti raawwataa jiru dhaabachuu qaba, kan hidhatamanis haa gadhiifaman jechuudhaan FXG itti fufeetu jira.
Godina Shaggar lixaa aanaalee hedduutti daandiin cufamee jira kaleessa irraa kaasee. Akkasuma wallagga lixaa magaala Mandii, Najjoo, Haaruu fi kkf keessatti mormiin uummataan waan jabaateef humni waraana agaazii jedhamu kan lubbuu ilmaan Oromoo dhangalaasee bare ammallee godinoota kannenitti bobahaa jira. wayyaaneen ammas nagaadhaan aangooshee irraa kan hin buune yoo tahe tarkaanfiin ilmaan ishee Oromiyaa keessaa qabdu ilmaan tigrootaa irratti akeekamee jiru galma gahuu kan hin hankaakneedha.

---

## Lixa Shaggar Magaalaa Amboo Keessatti Warraaqsi Akkuma Finiinetti Jira

June 23, 2016

**Waxabajji 23,2016**




Har'a magaalaan Amboo daran dirree waraanaa fakkaattee jirti. Mormiin Wayyaanee wajjin eegalame itti fufuun barattoonni kutaa 11ffaa qophaa'inaa Amboo balaaleffannaa ajjeechaa uummata Shashamannee,du'a garajabumma mootumichi uummata oromoorratti fudhachaa jiru addatti mormaa jiru.

Magaalattii keessatti dhaadannoon barattootaan dhagaa'aman mootummaa shororkaa yaaddoof rifaatuu keessa galchee jira.Barattoonni kutaa 11 barumsa dhiisanii ya'anii murna bicuu daguggaa sanyii keessattuu Shaashamannee keessatti fudhachaa jirtu balaalefataa jiran,Ajjeechaa suukanneessaa akka hatattamaan dhaabu gaafatan.Haalli magaala keessaa hedduu yaaddeessaadha.Humna afaan qawweetti amanu dura barattoonni dhaabatanii mormii haala gaariin dhageessisaa jiru.Konkolaataan olis ta'e gadi deemu sakatta'insa cimaa irra jira.Baajaajonni magaalaa keessaas yeroo deemanis ta'e deebi'an sakkatta'amaa jiru uummata konkolaataa keessa Jiru dabalatee. magaalaan qondaaltota Wayyaaneen guutamtee jirti.
Oduu dabalataan gara Lixa Oromiyyatti yoo darbinu Magaalaan Mandii kaleessa balaaleffannaa mootummaa Wayyaaneerra turuun ,Mootummaan gochawwaan rifaasisoo hatatamaaan akka Uummata Oromoorraa dhaabu,Ajjeechaa dukkana uffatee Uummata nagaarratti banee jiru,Keessattuu ajjeechaa magaalaa Shaashamanneefi ajjeechaa durbee Sabriinaarra dhaqabee jiru,Ajjeechaa garaa namaa madeessuu akkasii,Hatatamaan akka harkasaa irraa deeffatu,Gaafatanii jiran Gochaawwaan fokkisoo mul'inatti nurratti fudhatamuuf kan harkasaa hin deffanne yoo ta'e,Uummati murtoo mataasaa fudhachuuf qophii ta'uu,Barattootaaf jiraattonni Mandii mormiisaaniin ibsatanii jiru.

---

#Oromoprotests: Loud Yearning for Freedom in Shashemene, Oromia, June 22, 2016



converted by Web2PDFConvert.com

OMN: Oduu Amma Nu Gahe/Breaking News (Wax. 22, 2016)



## FXG Lixa Shaggar Ambo Keessatti Akka Itti Fufetti Jira.

June 22, 2016

**Waxabajji 22,2016**

Warraqsi barattota Amboon eegale daran babal'achuun uummata dabalatee jira Haaluma Kanaan Guyyaa har'aa mana Barumsaa futuritti qabsoon eegalame finiinaa deemuun Ummata Dabalachuun Cimee Jira.Qabsichi Itti Fufuun Daandii Amboo Gara Finfinnee Geessu Yeroo Murtaa'eef Cufamee Tureera! Qondaalttonni Wayyaanee Sadii Midhamaniiru Akkasumas Konkolaataan Wayyaanee Haalaan Caccabdee Jirti.

Walumaa Galatti Wayyaaneen Har'a muddamuun Oliif Gadi Kaachaa Ooltee Jirti.

FXGn HAALA KANAAN MAGAALAA AMBOO FI NAANNOOSHEETTI ITTI FUFEE JIRA.

Gama biraatiin Lixa Oromiyaa Bakkeewwan Tokko tokko keessatti warraqsa finiineen Uummati gaaga'ama jabaa keessa jira,Gaaga'ama kana magaalaa Najjoo warra jirruu keessatti sochii barattoonni kaasaniin uumati humna waraanaa Wayyaaneen shororkeeffamaa jira.Akkasuma magaalaa Naqamtee keessatti humni addaa Hidda gabroonfattootaa kan turan,Kanneen Ayyaalee Faabboobet wajjiin hojjechaa turan irratti

tarkaanfii jabaan fudhatamee jira,Gareen diinaa kun kaayyoo Uummata Oromoof Afaan Oromoo barbadeessuu qabatee kan deemu,caasaa Lixa Oromiyaa keessatti bakkeewwan hedduu keessaa kan qabu yoo ta'u,Sochiif warraqsa uummataan akkasuma Humna addaa Lixa Oromiyaa keessa socho'uun caasawwaan isaanii addaan baafamanii jiru,Warreen hafanirratti tarkaanfii jabaan nii fudhatama achuma Wallagga bahaa Keessatti Magaalaa Arjoo jedhamtutti guyyoota muraasa darban keessa Qaamonni mootummaa namoota karaa deemaaniin Konkolaataa caccabsan jechuun Dhukaasa Namoota nagaarratti banteen naamoonni miliqanii kan hafan ta'ullee,Jabbiin Qote bultoota achii tokko rasaasa namatti dhukaateen ajjefamte konkolaataan Golden bus qabeenyummaan kan Wayyaanee kan ta'e Lixa Oromiyaa keessa socho'uu sodaate jira.

---

#OromoProtests June 22 2016, Waxabajji 22,2016: Godina Wallaggaa lixaa aanaa Najjoo bulchiinsa

magaalaa Warra Jirruu keessatti fincilli xumura garbummaa bifa haaraan dhohee jira.Fincilli kun kan jalqabe baratoota mana barumsaa sadarkaa lammaffaa magaalattiin yeroo ta,u fincilichi daran jabaachuun guutummaa uummata

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

magaalattii dhuunffachuun dhaga,amee jira.
Dhaadannoowwan jajjaboof Walleewwan onnechiisoo wallee warraaqsaa dhageessisaa tura humni federaalaas baratoota nagaa irratti dhukaasa banuun magaalattii goolaa jiraachuu maddeen
keenya achirraa nu qaqaban ifa godha.

---

(SBO/VOL – Waxabajjii 21,2016) Waxabajjii 20-21/2016 Godina Bahaa Oromiyaa Harargee Bahaa fi Dhihaa Aanota Garaagaraa Keessatti Warraaqsii Biyyoolessaa Oromiyaa FXGn Daran jabaachuun itti Fufe, Waraani Agaazii Wayyaanee, Liyuu Hayilii fi Koraa Bittinneessaa jedhamanis Yakka Duguuginsa Sanyii Ilman Oromoo Irratti gaggeessa jiru.

Godinoota Harargee Bahaa aanota akka Dadar Magaalaa Qobboo, Gursuum, Magaalaa Calanqoo, Godina Harargee Lixaa aanaa Mi'eessoo, Magaalaa Mi'eessoo dabalatee Warraaqsii biyyoolessaa Oromiyaa FXGn, gootota barattoota Oromoo kutaa 12ffaan daran jabaachuun itti fufee jira.

Goototni barattootni Oromoo Godina bahaa Oromiyaa, Harargee bahaa fi lixaa keessatti qorumsa kutaa 12ffaa seensa yuunibarsiitiif qophaa'aa jiraachuun keenya utuma beekamuu roorroo fi hiraarsa saba keenyaa fi nurra ga'aa jiruu obsuu waan dadhabneef warraaqsa finiinsuun falmachaa baranna; kunis warraaqsaa keenya irraa duubatti hin deebinu jechuun warraaqsaa finiinsu irratti argamu.

Goototni Barattootni Oromoo fi Qeerroon Dargaggootni Oromoo erga Oromiyaan bulchiinsa waraanaa jala galfamtee addatti duulli itti fufiinsaan waraanaa Agaazii, Liyuuhayilii, Poolisii federaalaa fi Kora bittinneessaa jedhamaniin uummata Oromoo irratti gaggeeffama jiraachuun godinoota Harargee lamaanii fi Oromiyaa bakkoota hedduutti ilmaan Oromoo guyyuu ajjeefamaa fi ukkaanfamaa jiraachuun Qeerroo dargaggoota, gootota barattootaa fi ummata Oromoo boqonnaa kan dhorkee fi daranuu kan warraaqsatti jabeessaa jiruu dha. Kana irraa warraaqsa FXG jabeessuun roorroo of irraa deebisuuf kan murteeffatan ta'uu ifa gochuun FXG finiinsuutti jabaatan.

Sababaan addaa warraaqsa FXG kana jabeessuuf dirqaman kan biroon immoo dabballootni kittallayyoota wayyaanee ta'an jibbinsaa barattoota Oromoof qaban deeggarsaa barattoota kutaa 12ffaa sababa qorumsaa yeroon itti dheeraateef godhameef dhorkachuun mirga barattoota Oromoo ukkaamsuufi deeggarsaa godhameef bu'aa dhuunfaa isaaniif oolfachuu irraa goototni barattootni Oromoo Aanaa Dadar magaalaa Qobboo, Aanaa Gursum, Anaa Mi'eessoo Magaalaa Mi'eessoo warraaqsaa finiinsuun dura dhaabbachuun falmachaa jiran.

Akkuma amaleeffatee fi baratee mootummaan wayyaanee fi ergamtuun wayyaanee OPDO'n ilmaan Oromoo bulchiinsa waraanaa jala jiran irratti loltoota agaazii bobbaasuun Oromoo nagaa hojjetatee of jiraachisuu fi mormii keessatti illee hin argamiin itti dhukaasanii ajjeesuu itti fufuun Shaamarree Oromoo kan hojii buna daandii irratti danfistee ittin of jiraachiftuu fi maatii ishee tajaajiltuu dubree Sabrina Abdallaa jedhamtuu Harargee Bahaa magaalaa Calanqootti itti dhukaasuun, lubbuun ishee wareegame jira.

Kana malees Godina Harargee Bahaa fi Lixaa keessatti bakkoota garaagaraatti yakki waraanaa ummata Oromoo irratti gaggeeffamaa jiraachuun walqabatee Qeerroo fi ummatni wal ta'uun addatti warraaqsa Biyyooleessa Oromiyaa FXG daran jabeessuun dura dhaabbachuu qofatu furmaata jechuun waamicha warraaqsaa waliif akkasumas guutuu barattoota, dargaggoota/qeerroo fi ummata Oromoo cufaaf dabarsaa jiraachuun ibsamee jira.

Injifannoon uummata Oromoof

.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com







Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



#OromoProtests 22 June 2016: Ajjeechaan Sabrina Abdallaa kan dhagahe hunda Sabrii dhowwate. Ajjeechaan mucittii miskiina kana irratti hidhattoota mootummaatiin raaw'atame ergaa guddaa Oromoof dabarsa. Ajjeefamuuf Oromoo tahuun qofti gahaa akka tahe nutti hima. Sabriinaan dhagaa darbitee miti yookiis qawwee baattee hidhattootatti dhukaaftee miti kan ajjeefamte. Oromoo waan taateef qofa. Bakki ajjeechaan kun itti raaw'atame ammoo Calanqoo lafa lafeen Oromoo kumaatamaa lafa jala ciiftu. Tarkaanfiin Wayyaaneen Shashamannee fi Baha Oromiyaatti ummata Oromoo nagaa irratti fudhataa jirtu godaannisa madaa gaafa Calanqo fi Aanoolee daranuu billawa itti horfee dhiigsuun tarkaanfii maayyii fi murteessaaf Oromoo qopheessa malee hin callisiisu!




Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

#OromoProtests 21 June 2016, the Road to Dire Dawa has been closed by commandeered bus at Chalanqo in protest against the barbaric killing of Sabrina Abdalla.

Daandiin gara Dire Dhawaa deemuu ganama kana Calanqorratti cufamee jira.





OMN: Oduu Waxabajjii 20,2016



OMN: Oduu Amma Nu Gahe/Breaking News (Wax. 21, 2016)


Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

# OMN: Oduu Amma Nu Gahe/Breaking News (Wax. 21, 2016)



OMN

18 years old young Oromo woman Sabrina Abdalla was shot by fascist Agazi of the TPLF Ethiopia's regime on 20 June 2016 in Chalanqo, East Hararge, Oromia. She has died at upon arrival at Harar hospital. She was shot in a small hut she uses to sell tea and coffee.




---

Sabriinaa Abdallaa kan Harargee bahaa magaalaa Calanqoo keessatti loltoota Agaaziitin Waxabajjii 20 bara 2016 dhawamtee turte, hospitaal Harar osoo geessaa jiranii lubbuun dabartee jirti. Sabriinaan bakkuma ishiin shaayii danfiftee gurgurtu keessatti rasaasaan dhawamte. Reeffi isii gara Calanqoo deebifmaa jira. Rabbiin wareegmtoota keenya biroo waliin warra jannataa haa godhu. Firaafi maatii isii rabbiin jajjabina haa kennuuf.

---

Body of Sabrina Abdalla (18 years), the 10th grade Oromo female student who was gunned down in the night of 20 June 2016 byfascist Ethiopia's regime soldiers in Chalanqo, East Hararge, Oromia.

---

Kun reefka Sabrinaa Abdallaa barattuu kutaa 10ffaa kan galgala Waxabajjii 20 bara 2016 loltoonni Wayyaanee Harargee Bahaa magaalaa Calanqotti galafataniiti. Ganama waxabajjii 21 baraa 2016 ummanni Calanqoo buqqa'ee ba'uun mormii guddaa dhageessisaa jira.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



## Shaggar Lixaa Keessatti FXG Haalaan Jabaatee Itti Fufee

June 21, 2016


**Waxabajji 20,2016**



Fincilli xumura gabrummaa Ambo Keessatti bifa Jabaan eegalee raafama guddaa Mootummaa Shororkaa Wayyaaneerraan gahaa jira FXG barattoo Amboon erga dheengadda eegalee har'as itti fufee jira.Haaluma kanaan Shaggar Lixaa Magaalaa Ambootti Manni Barumsaa Sadarkaa tokkoffaa Carii qabsoo Finiinsaa oolan.Haaluma kanarraa ka'uun qondaaltonni Wayyaanee manneen barnootaa kanneen akka Carii, Liiban Maccaa fi Mana Barumsaa qophaa'inaa xiyyeeffannoo addaa itti kennuun bahaa fi gala barataa eegaa jiru.Oolmaan magaalaa Amboo guyyaa har'aa qondaaltota Wayyaaneetiin guutamuun dirree waraanaa fakkaattee jirti yeroo ammaa kanas dabalatee humni waraanaa buufata godhatee itti duulaa jira.


Barattoonni eebbifamtoonni Oromoo yuunivarsitii garaa garaa dhaadannoo adda addaa maxxansaa jiru. #OromoProtests 20 June 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




## Qeerroon Bilisummaa Yuuniverstii Diillaa Waamicha Warraaqsaa Dabarse.

June 21, 2016




Qeeyroon Yuuniversitii Diillaa keessatti waraqaa warraaqsaa "WAAMICHA LAMMUMMAA" jedhu maxxansuun Qeeyroon gabaasee jira. kunis Waxabajii 18/2016 barreeffamni warraaqsaa bittimfame kun poolisii Wayyaanee boqonnaa dhorgudhaan naasuudhaan waraanni naannoo moorichaa akka qubatu taasifamee jira. Waraqaan kun erga maxxanfamee kaasee Yuuniversitiin keessaa fi alaan waraanaan marfamuudhaan barruuwwan Qeeyroon waamicha taasise kana bakka maxxanfamee waraanni funaanuunis meeshaa camadee barattota tiksuunis odessi Qeeyroo moorichaa nu gahe addeessee jira.
Naannoo Kibbaa godina uummata Segen aanaa Konsootti akkuma duraan eegale fincilli ammas jabaatee itti fufuun Qeeyroon gabaaseetu jira. Fincilli kun aanaa Konsoo magaala Kaaraatitt wayyaaneen dhiyoo akkuma uummata konsoo irratti tarkaanfii suukkanneessaa fudhatteen ammallee kan hin dhaabnes dargaggeessa konsoo tokko ajjehcaa irratti raawwachuudhaan kan ajjeeses poolisii humna addaa wayyaanee tahuunis kan barame yoommuu tahu fincilli uummataan ammas jabaatee kan itti fufee jiru tahunis gabaafamee jira.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

#OromoProtests 20 June (Waxabajjii) 2016: Students in Shamene staged mass protest against the killing of their classmate, Harun Haji Tusu, who was murdered by unknown assailants. The students marched through the town and paid a mass visit to Harun's family. Students have demanded those responsible must be identified and held accountable at the court of law. Shashemene Police has announced arresting several.

Magalaa Shaashamanneetti barattoonni har'a ajjeechaa hiriyaa isaanii Haarun Haji Tusuu balaaleffachuun hiriiraan maatii isaa bira booyicha gahanii jiran. Barattoonni kun warri yakkaa suukaneessaa kana hiriyaa isaanii irratti raaw'ate saffisaan beekamanii seeraafi dhihaatanii akka adabaman gaafatanii jiran. Kaleessa Poolisiin Shashamannee namoota yakkan kanaan shakkaman qabnee jirra jechuun suura isaanii facaasee jira. Namoonni kun dhuguma warra yakkicha raaw'ate moo kanneenuma mootummaan dubbii ofirraa qabbaneessuuf walitti qabe ta'uun ifaa miti. Poolisin Shaashamannee ragaa gahaafi amansiisaa waliin dhiheessee ummata amansiisuu qaba.



Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com







#OromoProtests 20 June 2016:  12 grade students rally in Qobo town, East Hararage, Oromia complaining that the government is not providing with necessary support needed prepare for exam.

---

Waxabajjii 20 bara 2016 Aana dadar magaala Qobbootti baratotoni kuta 12 Maalaqa degarsa nuf kaana ja'ani gaafatan saababa bulchan ana Dadar Obbo Taajiir Shame koraabiitinesa irati bobase jolee reeba jiran.

#OromoProtests 20 June 2016 in Qobbo, East Hararge, Oromia 12th grade students and residents marching.

---

Harargee Bahaa magaalaa Qobbootti barattoonni bifa kanaan waxabajjii 20 bar 2016 mormii godhaa turan.

converted by Web2PDFConvert.com








converted by Web2PDFConvert.com

## https://www.oromiamedia.org/2016/06/19/omn-oduu-wax-19-2016/

#OromoProtests 19 June 2016: Namoonni maqaan isaanii armaan gaditti tarreeffaman kun Godina Sh/K/Lixaatti aanaa Ammayyaa ergamaan wayyanee bulchaa ganda Harroojjii Ejersa Nadhii kan ta'e addunyaa magarsaa erga hiisisee ji'a 6 ol lakkoofsisanii jiru. Mirga wabiis murtiis dhabanii mana hidhaa ejersaa kan walisoo jiru keessatti hafanii jiru.
Maqaa, umurii fi hojiin isaanii kana:
1.shallamaa dirbabaa birru-umri-67-q/bulaa
2.urgeessaa ibsataa shorroo-um-57-q/bulaa
3.indaalaa tafarraa banabbaruu-um-70-q/bulaa
4.isheetuu tasammaa shallamaa -um.25-q/bulaa
5.tasfaayee warqinaa gurraachoo-um-48-q/bulaa
6.geetaachoo rafeeraa ukaa-um-28-q/bulaa
7.bareechaa galataa gargaaraa-um-19-q/bulaa
8.dajanee raffisaa baqqalaa-um-27-q/bulaa
9.warqituu asnaaqaa dassaaleny-dubarti-um-30-q/bulaa
10.tsaggaayee mitikkuu tsaggaa-um-55-q/bulaa
11.baqqalaa lateeraa gaaddisaa-um-35-q/bulaa
12.bulloo shallamaa qurus-um-45-q/bulaa
13.balaachoo naggasuu caalchisaa-um-22-q/bulaa
14.alamaayyoo dabbabaa jootee-um-40-q/bulaa
15.shantamaa abarraa gannatii -um-50-q/bulaa

Namoonni ragaa sobaa irratti bahaaa jiran:
1.addunyaa magarsaa-bulchaa gandichaa
2.bulloo adam
3.lateeraa caalchisaa
4.waaqjiraa naggasaa
5.dirribsaa tarreessaa-bulchinsafi nageenya gandichaa
6.biraanee shimallis-haadha manaa addunyaa bulchaa gandichaa

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



Mana Murtii Ol'aanaa Go/Sh/Kib/Lixaatiif Walisoo

Himatamaan,............ Abbaa Alangaa

Himatamtootni:-

1. Shallamaa Dirribaa Birruu, Umuriin Waggaa
2. Urgeessaa Ibsataa Shorroo, Umuriin Waggaa
3. Indaalaa Tafarraa Banabbaruu, Umuriin W
4. Isheetuu Tasammaa Shallamaa, Umuriin W
5. Tasfaayee Warqinaa Gurraachoo, Umuriin W
6. Geetaachoo Rafeeraa Ukaa, Umuriin Wagga
7. Bareechaa Galataa Gargaaraa, Umuriin W
8. Dajanee Raffisaa Baqqalaa, Umuriin Wagg
9. Warqituu Asnaaqaa Dassaalany, Umuriin
10. Tsaggaayee Mitikkuu Tsaggaa, Umuriin W
11. Baqqalaa Lateeraa Gaaddisaa, Umuriin W
12. Bulloo Shallamaa Qurus, Umuriin Wagga
13. Balaachoo Naggasuu Caalchisaa, U Qo/Bulaa

Teessoon isaanii:- Aanaa Ammaayyaa ganda

14. Alamaayyoo Dabbabaa Jootee Umuriin W
15. Shantamaa Abarraa Gannatii Umuriin

Teessoon isaanii:- Aanaa Ammaayyaa ganda

Himata Iffaa himatamtoota 1ffaa, ... Yakkichi

... fi sadii fi santima soddomii ... fudhataniif gohaa yakka wanbad... kanaan himatamaniiru.

**Ragaa namaa**

1. Obbo Addunyaa Magarsaa
2. Obbo Bulloo Adam
3. Obbo Lateeraa Caalchisaa
4. Obbo Waaqjiraa Naggasaa
5. Obbo Diribsaa Fayyeeraa
6. Aaddee Biraanee Shimaallis

Teessoon:- Aanaa Ammaayyaa ga...

**Ragaa caaffataa**

1. Xalayaa lakk. W/H/G/A/A/... barreeffameen dhiyaate fuula...
2. Tilmaama qabeenyaa xalayaa... guyyaa 11-05-08 barreeffame...
3. Xalayaa lakk- galmee W... barreeffameen dhiyaate uula...
4. Suurawwaan mana baabur...

---

#OromoProtests 19 June 2016: Haarun Hajj and Dastaa Kadir Gammadaa, Oromo youths murdered by fascist TPLF killing forces on 17 June 2016.

> **Shashamannee Shororkaa Wayyaaneetiin miidhamaa jirti**
>
> Magaalaa Shashamannew keessa jiraachaan ture, Jiraachaan jiras, Garuu Abbichu Haalli gidduu tanaa Qaaquun nama surura,Halkan dukkana Uffatanii Dargaggoo jabduu tana lafu naqaa bulan,Torbee tana keessattille Namoota Torba Ajjeesaanii jiran. Eenyuun akka ajjeefaman hin beekamu. Ani gama tiyyaan Magaalattii gadi lakkisi na godha. Mootummaan Waraabeessi tun dukkana daheeffattee nu daguugaa jirti. Hawwaasi Shashamannee wal harkaa fuudhani tanuma qaaqaa jiran. Jiraachuu molqamuun keenya aarii guddaa nu seensisaa jira. Uummatille hedduu aaraa jira magaalattii keessatti halli tunillee hin sirreefamu taanan Qeerroo Shaashee Tarkaanfii mataa teenya Fudhacuuf jenna. Teessattu gochiin dheengadda Hiriyaakoo osoo salataa bahuu ajjeechaa gara jabeessi irra gahe nagalle na dhorkee jira. Nuti Amantiin teenyallee mootummaa cinatti akka sarbamaa jiru argaa jirra. Barri nuti teenyee ofirratti ilaallu hafe jira. Hawwaasa Oromoo Shaashee jiruun Osoo dhalli teessan dhoksaan duutuu teessanii nurratti akka hin ilaalle ittin nuu gahi.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



Odeessa Mana Barumsaa Qopha'ina Amboo Barattoota achiirraa argameen

#OromoProtests 19 June 2016: Odeeffannoon Amma Nu Gahe Akka Ibsutti Barataan Natural Saayinsii Tamasgan Jedhamu Qondaala Wayyaaneetiin Rukutamee Dhiigni Afaaniif Funyaaniin Bahuu Isaafi Akkasumas Mormii Fi Fincala Guyyaa Lamaa Booda Gaaffiin Barattootaa Fudhatama Argachuun Isaa Himameera! Dabalataan Barattoonni M/b Qophaa'inaa Amboo Barnootawwan Qarmaata Biyyoolessaa Irratti Hin Dhufneen Kanneen Akka IT, Drawingii Fi Kkf Nu Hin Cinqiinaa Gaaffiin Jedhu Barattoota Biraa Ka'uunsaa Fi Gaafichi Fudhatama Argachuun Isaas Himamee Jira.Haala Kanaan Qeerroon Magaalaa Amboo Mootummaa Wayyaanee Raasaa Jiru! Qeerroon Oromiyaas Haala Kanaan Finciluu Qabu Jechuun Dhaamsa Dhaamanii Jiru Qeerroon Magaalaa Amboo!

https://youtu.be/BacKOXX6AmQ

https://youtu.be/basoQBwgGPk

Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Abbaay

converted by Web2PDFConvert.com

# Coommaan Suuluula Warshaa Sukkaaraa Finca'aa fi Mana Barusuu Suuluulaa Finca'aatti Warraaqsii FXG Bifa Adda Ta'een Dhoofame Alaabaan ABO Fajjiin Qabsoo Bilisummaa Oromoos Ol Qabamee Dhaabamuun Ibsame Jira.

June 18, 2016

**Waxabajjii 17-18/2016**




Gootni uummatni Oromoo hojjettootni warshaa Sukkaaraa Fincaa'aa ,gootni barattootni Oromoo mana barumsaa Suluulaa Fincaa'aa sadarkaa 1ffaa kutaa 1ffaa hanga kutaa 8ffaatti jiran warraaqsaa FXG finiinsuun alaabaa ABO mooraa mana barumsichaa keessa dhaabbachuun sa'aa 4:OO oliif fajjiin qabsoo bilisummaa Oromoo alaabaan ABO dhaabbate tureera.

Sochiin warraaqsaa kun mooraa warshaa sukkaraa fincaa'aa keessattis daran jabaachuun dargaggootni jiraattootni Oromoo hojii dhabdootni naannoo warshaa Sukkaaraa fincaa'aa waliin walitti dhufuun warraaqsaa FXG daran finiinsuun gabaafame. Sababaa guddaan Warraaqsaa FXG kanaaf adda ta'ee Mootummaan abbaa irree wayyaanee hojjettoota haaraa warshaa sukkaaraa Fincaa'aaf namootaa naannoo Oromiyaa fi Oromoo hin ta'a'iin 40 fidee warshaa Sukkaaraa Fincaa'aa keessatti qacare midaa guddaan akka tajaajilaniifi basaastummaa fi shira dalagaa jiraataan kan taasifame yoo ta'uu, Uummatni Oromoo fi dargaggootni Oromoo Warshaa Suluulaa Finca'aatti argamanii fi Uummatni jiraattootni naannoo warshaa dargaggootni keenyaa hedduun barnoota sadarkaa digirii fi diplomaan eebbifamanii hojii dhabaa ta'anii utuu jiranii nanoota hin baratnee fi kashalabboota naannoo biro irraa finadanii uummatarratti ramaduun hacuuccaa guddaa fi roorroo mootummaan abbaa irree nurratti raawwachaa jirudha jechuun Furmaatni uummatni keenya qabu warraaqsaa keenyaa gama hundaan jabeessuu mirga abbaa biyyummaa keenyaa kabachiisuuf Warraaqsii FXG itti fufuu qabna jechuun warraaqsaa dhoosuun shira diinaa dura dhaabbatan. Mootummaan abbaa irrees akkuma amala isaa humna waraanaa agaazii uummatarratti bobbaasuun uummata goolaa jiraachuun ibsame jira.

---

**Waxabajjii 16-17/2016** Godina Lixa Shagar Ambootti Gootni Barattootni Oromoo M/B Amboo Sadarkaa 2ffaa Fi Qophaa'inaa Qormanni Kutaa 12ffaa Utuu Nuti Hin Baratiin Nuuf Kennamuuf Jiru Kun Kan Keenyaa Adda Ta'uun Nu Midhuuf Kan Karoorfamedha Jechuun Warraaqsaa
FXG Finiinsan.
Qormaatni Biyyoolessaa kutaa 12ffaa utuu hin baratiin nuuf kennamuuf jiru kun akka guutuu biyyattiitti j`alqaba baatii Adoolessaa kennamuuf kan jiru Kana Godina keenyaa Addatti M/B Amboo sadarkaa 2ffaa fi Qopha'inaa fi Maneen Barnootaa tokko tokkoo keessatti guyyaa adda ta'eetti kennuuf karoorfachuun kan nu miidhuuf karoorfamee fi nu shororkeessuu malee bu'aa tokkoo iyyuu hin qabuu waan ta'eef yoo kan qoramnu ta'ee haaluma wal fakkaatuun qoramna malee ofumaa itti fakkeessiif guyyaa adda ta'etti qabuun kun bu'aa hin qabu jechuun gaaffii mirgaa dhiyeeffachuun deebii waan dhorkatamaniif warraaqsaa keenyaa daran jabeessuun itti fufuun uummata Oromoo hundaaf furmnaata jechuun Warraaqsaa biyyoolessaa Oromiyaa FXG bifa adda ta'een Waxabajjii 16/2016 irraa eegaluun kan qabsiisaan guyyaa har'a Waxabajjii 17/2016 warraaqsaa FXG daran jabeessuun sagalee daadannoo guddaa gaaffii mirga abbaa biyyummaa fi kabajamuu mirgoota dimookiraasii fi dhala namaaf deebiin nuuf kennamuu qaba, abbaan irree qawween nu bulchaa jiruu aangoo irraa haa kaafamu jechuun mormii isaanii jabeessan. Motummaan bakka bu'insa uummataa hin qabne abbaan irree Wayyaanee akkuma amala isaa loltoota agazii barattootatti ol seensisuun gaazii summaa'aa nama imimmeessuun irratti dhukaasuun barattoota hedduu akka malee reebuu fi madeessuun, kaan immoo hidhatti ukkaamsuun gabaafame jira.

Director M/B sadarkaa 2ffaa fi Qopha'inaa kan ta'ee Namni Ambassee Tulluu jedhamuu waraana agaazii barattoota qalama malee waatu of harka hin qabnetti seensisuun yakka waraanaa barattoota irratti rawwachisaa jira. Namni Ambasee Tulluu jedhamu kun asiin Fuldura bara 2013 yeroo Directora Mana Barumsaa Geedoo sadarkaa 2ffaa fi Qophaa'ina turettis barattoota Oromoo 30 Ol barnootarraa guutummaatti kan arii'achaa turee fi bara kana illee Barattoota Oromoo 8 M/B Amboio sadarkaa 2ffaa fi Qopha'inaa irraa maqaa barattootni kun shororkeesitoota jedhuun dabarsee diinatti kennuun kaan hiisisee kaan barnootarraa arii'achuun daba daangaa hin qabnee barattoota Oromoo fi barsiisota Oromoo irratti dalaguun kan beekamu waan ta'eef uummatni Oromoo sabboontootni Oromoo lukkee diinaa

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

kana irraa of eegachuu fi bakka argameetti gumaa barattoota Oromoo bara dheeraa akka bahaattan dhaamsii Oromomummaa isiniif dabarfamee jira. Warraaqsii itti fufa, garboomsaan ni kufa!!

## Lixa Shaggar Naannoolee Baadiyaaleet Keessatti Isin ABO dha Jechuun Poolisiin Wayyaanee Uummata Nagaa Hidhaatti Guuraa Jira..

June 18, 2016

**Odeessa Qeerroo Waxabajii 18/2016**




FXG Shaggar lixaa magaala Amboo fi Gindabarat keessatti har'a Qeerroodhaan itti fufee jira. guyyoota muraasa dura Wayyaanee humna Finfinnee gara Shaggar lixaa shakkii qabduun gara Gindabarat fi Gincii irra qubachiistee turte. Qeerroon godina Shaggar lixaa sodaa humna waraana wayyaaneef bakka hin laannee guyyaa har'a waxabajii  FXG itti fufuudhaan tarkaanfii fi dhaadannoo dhageesisuudhaan FXG itti fufuun Qeerroon kan gabaaseedhaa.

Akka maddeen keenya Qeerroon godina Shaggar lixaa addeessutti magaala Ambotti har'a ganama irraa kaasee daandinis cufaa ture Qeerroon dhuunfatee sirbota qabsoo dhageesisuu fi asii achi socho'uudhaan dhaadannoo dhageesisaaa tureera. Gara sa'a boodatti wayyaaneen sochii Qeerroo magaala Ambootti feshelessuuf humna poolisii qabdutti dhimma baatee Qeerroo dura dhaabbachuuf yaalii taasiste tarkaanfii Qeerroon poolisoota irratti fudhateen poolisii Wayyaanee mgaala Amboo keessaa baasuudhaan sirbota qabsoo fi dhaadannoo garagaraa dhageesissaa oolaniiru.

Odeessa Qeerroo gabaafame waliin

– OROMIYAAN KAN OROMOOTI

– ABBAAN BIYYUMMAA OROMOODHAAN HAA MIRKANAA'U

– ABBAAN BIYYAA ABO DHA!

– BILISUMMAA FI WALABUMMAAN DEEBII QANSOO KEENYAATI

– QABSOON GARA WAYYAANEE MALEE GARA ERTIRAA MITI

– ILMAAN OROMOO WARAANA WAYYAANEE KEESSA JIRTAN HIN GOWOMINAA DU'AAFIS HIN OF HIN WAREEGINAA UUMMATA KEESSANIIF DHAABBADHAA

– RASAASNI DUUBATTI NUN DEEBISU

– HIDHAAN HIIKA HIN TAHU

– WAYYAANEEN SAAMTUUDHA OFIRRA KAASNA

Jechuudhaan dhaadannoo dhageesisaa oolaniiru.

OMN: Aisha Ali in Conversation with Felix Horne ( HRW Researcher, Horn of Africa)

converted by Web2PDFConvert.com




OMN: Gabaasa Addaa (Wax. 16, 2016)





converted by Web2PDFConvert.com

# FXG Fnfinnee keeysatti ka’a sodaa jedhuun humni waraana Wayyaanee gandoota magaalaa mara keessa hedduminaan bobba’ee jira.

June 15, 2016

**Waxabajii 15,2016**



Mootummaan abbaa irree Wayyaanee yeroo ammaa kana waan qabuu fi gadi dhiisu wallaalee jira.Qeeyroon magaala Finfinnee fi godina adda keeysatti waraqaa warraaqsaa facaasen diinni wraana isaa finfinnee keessa olii fi gadi kaachisaa jira.

FXG oromiyaa keeysatti wayita kana walgayii wayaanee diiguudhaan, daandii cufuudhaan magaalota fi baadiyaalee keeysatti waan jabaatee itti fufef wayyaaneen humna waraana qabdu kan ishee utubee jiru Oromiyaa keessatti bittimstee kan jirtu amma magaalaa guddicha Oromiya Finfinnee keeysatti FXG ka’a kan jedhu sodaattee waraana ishee har’a ganamanaan Finfinne keeysa bakka bakka qabsiisaa jirti keeysattuu nannoo Yuuniversitiiwwani waraanni marsee ka jiruudha. Dabalataan Qeeyroon godinoota addaa oromiyaa keeysatti barruu warraaqsaa bittimfameen wal qabsiisee bakka Qeeyroon itti walgahu, uummanni Oromoo yoo walitti deeme bakka cidhaa fi bakka du’aatti FXG sodaadhaan wayyaneen uummata nagaa humna qabduun burjaajeessa kan jirtu bakka naannowan kanneenitti poolisii federaalaa ramaddee jirti. Qeeyroon dhaadannoo fi qabsoo isaa jabeessuun ija poolisii duratti FXG jabeeffateera.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



OMN: Oduu Wax. 14, 2016




https://www.oromiamedia.org/2016/06/14/omn-oduu-waxabajjii132016/
OromoProtests 14 June 2014: “Waldiddaa aanaa masalaa ilaalchise: hawaasni aanaa masalaa aradaalee gara garaa guyyaa hardhaa hidhatoota aradaa nama 9 mancaa fi uleen sirriti qoraasanii hidhanoo hiikkatanii jiran.namoota kaneen keessa 8 achuma buufta fayyaa masalaati yaalama jiran, areedoo kan jedhamu san ammoo hospitaala ciroo kan jiru yoo tahu innis du’aa fi jiruu jidduu jira.”

## Mootummaan Wayyaanee Hojii Dhablootaaf Dalagaan Waraana Ta’uu Jira Jechuun Beeksisa Baasaa Jira.

June 14, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



**Waxabajjii 14,2016**Ministeerri ittisaa Itiyoophiyaa





beeksisa hojiii jedhee Oromiyaa malgaa gara garaa keessatti namoonni hojii loltummaatti akka galaniif gandootaa fi bakka waajjira magaalaalee mara keessatti maxxansaa jiraachuun beekame.

Haala amma muddama siyaasaa keessa jiru keessatti hojiin isinii banameera kootta waraanatti seenaa jechuun mootummaan Wayyaanee dargaggoota dirqaa jiraachuun faayidaa Oromootaa fi hojii dhalbleef hojii banuuf osoo hin taane ilmaan Oromoos ta'e sabooti biroo dantaa isaan hin ilaallanne keessa seenaanii akka du'a seenaa hin qabne du'aniif ta'uun beekamaa dha.

---

#OromoProtests June 13, 2016: Wayyaaneen muddamsuu gamaa gamanaan isii mudateef akkuma barattee ijoollee oromoo guurtee waraanatti erguuf beeksisa kana bakka hundatti maxxansite jirti. Ilmaan oromoo kan taatan hundi keennaayuu diinni keenna wayyaane malee diina biraa yeroof him qabnu. Kanaaf namni tokko deemtanii hin galmaainaan dhaamsa oromummaati.




Dhaamsa ilma Oromoof intala Oromootiif.
Impaayerri toophiyaa maqaa uummata bala'aatiin bara Minilikii kaasee haga har'aatti waaraana gurguddaa fi lola babal'aa oofaa ture.
Lola bara Minilik, bara Tafarii, bara Darguu maqaa biyyaatiin deeme keessati gaheen ilmaan Oromoo guddaa ture. Ilmaa fi abbaan itti gubatan. Garuu seenaa biyyatti keessatti bakka argatee hin beeku.
Ammas maqaa Impayeratti kaasuun lola ilmaa Oromoo hin laallanne, kan bu'aan isaa daran dhala Oromoo ukkaamsu ilmaan Yohannis jalqabanii jiru. Lolli kun lola Tigreeti. Lola Oromoo laallatu miti. Kanaafuu:
1). Warri waraana keessa jirtan qawwee keessan waraans Tigree, kan ilmaan Oromoo qe'ee keenyatti fixaa jirutti garagalchaa
2). Warri kaan lola kana karaa sinii danda'ameen durs dhaabbadha.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Sochii #Oromoprotest itti fuufnee kufaatii mootummaa Tigree hala bareedaa uummamaa jiru kana keessatti haa saffisiifnu.Liiban Jaldeechaa

## Godina Lixa Shaggar Keessatti Warraaqsii Biyyoolessaa Oroiyaa FXG Utuu Wal Irraa Hin Citiin Gaggeeffaamaa Jira.

June 13, 2016




**Waabajjii 12/2016** Godina Lixa Shaggariitti Warraaqsii Biyyoolessaa Oroiyaa FXG Utuu Wal Irraa Hin Citiin Gaggeeffaamaa Jiru , FXGn Kan Marsaa 6ffaan Bifa Adda Ta'een Wayita Qabachuuf Jiru Kanatti Waranni Agaazi Wayyaanee Sakkatta'insaa Seeraan alaa Bakkoota Hedduutti Gaggeessuun Uummaata Shororkeessaa  Jiraachuun Ibsame.

Daandiiwwaan Finfinnee irraa gara dhiha Oromiyaatti geessuu addatti Lixa shaggaar daandii gara aanota akka  Jalduu Shukutee,Gaaleessaaa, Dandii Ilfata,Waddeessa,Ada'aa Bargaa, Meetaa Roobii, Gindabarat,fi gandoota baadiyaa godinichaa keessaattillee uummaatni sakkaatta'insa waraana wayyaaneeen shororkeeffamaa jiraachuun ibsame.

Warraaqsii biyyooleessaa Oromiyaa FXGn hanga gaaffiin mirga abbaa biyyummaa deeebii argatuuttii fi waranni agaazi oromiyaa gadhiisee bahuu fi  hidhamtootni oromoo hundii hiikkamanitti fi ajeechaa jumlaa oromiyaa keessatti gaggeeffaa jiruuf hanga mootummaa yakkamaan kun aangoo biyyaa bulchuu gadi lakkisee seeraatti dhiyaatuutti warraaqsii biyyooleessaa oromiyaa takkaa kan hin dhaabbanee fi yeroo yeroon bifa isaa jijjiirratee kan itti fufu ta'uu qeerroon bilisummaa Oromoo hubachiisuun diina boqoonnaa dhorkuu itti fufee jiraachuu hubchiise.

---

#Oromoprotests 12 June 2016: 2nd TPLF's meeting in Melbourne, Australia has been forced to be cancelled.

---

https://www.oromiamedia.org/2016/06/14/omn-walgahii-jila-mootummaa-itoophiyaa-fashaleessuuf-hiriira-mormii-melbournetti-taasifame/

ODUU

OMN: Oduu Wax. 12, 2016

https://www.oromiamedia.org/2016/06/12/omn-oduu-wax-12-2016/

https://www.oromiamedia.org/2016/06/12/omn-oduu-wax-12-2016/

https://www.oromiamedia.org/2016/06/12/omn-oduu-amma-nu-gahebreaking-news-wax-12-2016/

---

## Barataan Civil Engineering Waggaa 4ffaa Kan Ta'e Barataan Gammachiis Malkaamuu Yuniverstii Wallaa Irrraa Ukkaamfamee Bakka Bu'e Hin Beekamu.

June 13, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



**Waxabajjii**



**12,2016/**Yuunibarsiitii Wallaggaarraa night civil engineering waggaa 4ffaa barataa kan ta'e sabboonaan Oromoo Gammachiis Malkaamuu guyyaa har'a Waxabajjii 12,2016 magaalaa Naqamtee keessatti situ sochii barattootaa duuba jira jechuun jechuun magaala walakkaatii Oromummaan yakkamee humna tikaatiin ukkaamfamee bakka hin beekamneen geessaniiru. Reebichi akka malee akka irratti geggeeffamaa jirus oduun humnuma tikaan baate nu geesseetti.

---

OromoProtests 12 June 2016: Kolleejjii Qonnaa Alaagee fi fayyaa Beeyladootaa Arsii keessatti argamu keessatti fincilli xumura garbummaa halkan edaa itti fufee akka jiru beekameera

Maddi isaa gaaffii ilmaan Oromoo Abbaa biyyummaa isaaniif ajjeefamaa jiran ilaalchisee Barattoonni kolleejichaa fincilatti kan fufan yeroo ta'u, yeroo ammaa kana humni waraanaa barattoota mooraa kolleejjii Alaagee keessaa walitti qabanii dirqiin ganama kana warra mooricha keessatti hafan walgahii kaahuuf akka socho'aa jiran maddi odeessa Qeerroo beeksiseera.

---

OromoProtests 11 June 2016 In Dedoo (Molee) : Waxabajjii 11 bara 2016 Oromiyaa Godina jimma Aanaa Dedoo Ganda Molee kessatti hawaasini mormii issaa itti fufeera .
Dhaadannoo ka'aa turan keessaa:-
1/bulchiinsii Gaarin hin jiru
2/Qormaanni kutaa 12 ayyaanaa muslimaa irra haa haqamu
3 /Mirgi ummata Oromo haa kabajamu





---

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

#OromoProtests 11 June 2016:  waxabajjii 11 bara 2016 godina Harargee Lixaa magaalaa Asaboot keessatti sababa dargaggoon maaqan isaa Mahdi ja'amuu hidhaa seenen uummanni magaalaa Asaboot mucaa kan hidhaadhaa nuuf baasa ja'ee hirirraa waan ba'eef pooliisin uummata nagaya irratti dhukaasa banan gabaafame.

---

#OromoProtests 11 June  2016: The Oromo and Ogaden protesters in action in Canberra, Australia; they forced cancellation of TPLF's meeting, 11 June 2016. All 'presidents' forced to leave through emergency door….then the room was left only by protesters.



## #OromoProtests 11 June 2016: Guyyaa Har'aa walgahii Wayyaanee Canberra, Australia'tti godhame hawaasni Oromoo fi Ogaaden harkaa fashaleessanii jiru.

June 11, 2016




Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

ODUU

## Walga’iin Jila Qondaaltoota Mootummaa Itophiyaa ,Awustralia Magaalaa Canberratti Fashalaa’e.(Waxb.11,2016)

> Walga’iin Jila Qondaaltoota Mootummaa Itophiyaa ,Awustralia Magaalaa Canberratti Fashalaa’e.(Waxb.11,2016)



## Qeerroon Bilisummaa Yuuniversiitii Jimmaa Gaggeessaa Gannaan Wal Qabatee Waadaa Qabsoo Isaa Haaromfate

June 10, 2016

**Waxabajji,10,2016**



Guyyaa kaleessaarraa qabee Qeerroon Yuunibarsitii Jimmaa Mariif yaadota furmaata waaraa biiyyattiif fidan irratti Kaleessa akkuma Du’a Dr.Daaani’el Gizaachoof yaadannoo taasiseen booda,Marii jabaan Waadaa haaromfatee jira.
Mariin kun Hoggantoota mandheewwan garaagarraa dhufanin kan gaggeefame yoo ta’u, akkamiin akka walabummaa safiisiisuu dandeenyu fi Ummatichaaf karaa Daandii Walabummaa baasuuf aggammii eegalle akkamiif bifa kamiin ka jedhu mala mataasaa dhahatee waliif yaada hiraa tureera.Akkasuma eebbifantootasaan fulduratti gama kamiin wal arguuf waliin sochiin akka waliin itti fufu maloota barbaachisoo dhahatee jira
Gama Qeerroo Yuunibarsitichaan
Waadaan galame

1. Jaarmiyaan keenya ABO waliin hojjechuuf yoomille karoorasaaf mul’atasaa galmaan gahuuf qophii ta’uu keenya nii beeksifna
2. Qaamolee Gufuu warraaqsaa ta’an nii balaaleffanna.
3. Humnoota Gufachiisoo ta’ani of keessaa dhabamsiisuuf nii hojjenna.
4. Bakka deemnu hundatti Qeerroowwan danuu of jalatti hiriirsinee,Hamenya mootumichaa Uummataaf hawwaasa keenya nii barsiifna.
5. Rakkoowwaniif gocha Suukanneessaa Yuunibarsiitichi barattoota Oromoo Oromummaa isaanii qofaaf irratti fudhatu nii balaaleffanna.
6. Gochaawwan duguggaa sanyii nurratti fudhataman dura nii dhaabbanna.
7. Uummata nubarsiiseef keessatti baranneef yoomillee nii hojjenna,Bakkeewwan deemnu hundatti Uummatichaaf nii dhaabbanna Waadaan Waadaa milkii nuuf haa ta’u,Jechuun waadaasaa haaromfatee dirqamota hojiis waliif laatee bifa miidhagaan xumurate.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com






OMN: Oduu waxabajjii 10,2016




Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

#OromoProtests  9 June 2016: Barattoonni yuniversiitti Jimmaa Afaan oromoo fu ogbarruu ebbifamtoonni 2016 lammiin baratee IMAANAA him nyaatu jechaa du'aa Dr.Dani'eli gizaachoo baay'ee akka isaan gaddisissee ibsatanirruu kayyoo inni eegalee sharfe tokko otoo hin cabsiin galmaan genyaa jechuun waadaa galaniruu.

#OromoProtests 9 June 2016: Qeerroon giincii mormiin fxg hamma biliisummattii hin dhabatu jechun guyyaa har'aa gabaa guddaa magaala keessa nan'uun mormii dhaggesiisa olaan. waraanni agaaziis ijoolee qabuf oliigadii kattuus qeerroon hundii harka miliiqxee jirtii.



Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

three people have been arrested from Rift Valley University, Labu Campus today.
1. Chalchisa Damtew
2. Gololcha Bali ( Dean of the College, an Italian educated academic who returned to the country with hope of serving his people)
3. Abiyot Nugissie Head accountant

---

## Itti Gaafataamaan Yunveresittii Rift-Valley Obbo Gololcha Baalii fi Dameen Barnootaa Abiyoot Nuguseen Ukkaanfaman.

June 10, 2016



**Waxabajjii 10,2016** Diinii Yunveresittiichaa kan ta'e Gololcha Baalii fi itti gaafatamaan Damee Barnootaa fagoo Abyooti Nugussee humnoota tikkaa motummaa Woyyaaneetiin bakka hujii isaan irraa butaman akka fudhataman himamee jira. Itti Gaafatamtoon kuniin butamuu mallee hanga ammatti bakki geeffaman hin beekaminne .Barrissiisaa Caalchisaa Daamxxoo fi Abyyooti Nugussee kaleessa galgalaa ( wax.8 / 2016 ) Waajiraa isaniitii konkolataa gara garaatiin kan fudhataman yoo ta'u,
Obboo Gololcha Baalii ganama hardhaa waxabajii ( 9/2016) akkuma Waajiraa seeneeni faana seenanii akka butani deeman himamee jira. Obboo Gololcha Baalii Preesidaanti Baratootaa Oromoo Yunveresittii Finfinnee kan turee yoo ta'u yeroo hedduu deddebise hidhamaa turuun isaa niyaadatama.



---

#OromoProtests 9 June 2016: Itti gaafatamtoonni Yuniversiitii Riifti Vaalii ukkaamfaman. Diinii Yunivarsitichaa kan tahe Gololchaa Baalliitii fi tti gaafatamaan damee barnoota fagoo Abiyoot Nugusee humnoota mootummaatiin bakka hojii isaaniirraa butamanii akka fudhataman himameera. Itti gaafatamtootni kunneen butamuu malee, hanga ammaatti bakki geeffaman hin baramne. Barsiisaa Caalchisaa Daamxoo fi Abiyoot Nugusee kaleessa galgala waajjira isaaniirraa konkolaataa garagaraatiin kan fuudhaman yoo tahu, obbo Gololchaa Baallii ganama har'aa akkuma waajjira seeneen faana seenanii akka butanii deemaniin himameera. Obbo Gololchaa Baallii kanaan dura, perezidaantii barattoota Oromoo Yunivarsiitii Finfinnee kan ture yoo ta'u, yeroo hedduu deddeebisee hidhamaa turuun isaatis ni yaadatama.

---

OromoProtests 9 June 2016: Residents Qarsa and Kontoma villages in Lafto Subcity of Addis Ababa who are facing eminent eviction from their homes marched to the prime minister's palace to plead their case. But they were stopped near a place called 'Total' where several of them have been arrested. Its reported that the people have been protesting for the last four days. Over 7,000 homes have been marked for demolition.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



OromoProtests 9 June 2016: The brave faces of Dill University Oromo students who were incarcerated at Maekelawi for four months and now being tried at local court in Dilla. Hundreds of students gathered at the court house but the session was adjourned without any hearing at the prosecutor continues to ask for extension.

Waxabajjii 9 bara 2016: Barattoonni Oromoo Yunivarsitii Dillaa kan baatii afurii oliif Maakkallawiitti rakkifamaa turanii gara mana murtii Dillaatti deebifman kunoo har'as dhihaatanii turan. Barattoonni hedduun mooraa mana murtiitti deeggarsaaf argamanii turan. Garuu abbaan alanagaa yeroo dabalataa waan gaafateef dhaddachi osoo hin taa'amin hafee jira.



#OromoProtests 9 June  2016: The emergency meeting of Oromia Regional Parliament ( Caffee) has removed presidents and vice president of the Supereme Court, Damoze Mame & Boja Tadesse. They have been replaced by Addisu Qabeneessa ( President of SW Shawa High Court) and Hussien Adam ( president of Arsi Supreme Court) , respectively. The change of guard at supreme court is a result of TPLF's accusation of the Oromia judiciary of being lenient towards Oromo Protesters. The parliament also removed immunity for Zelalem Jemaneh, former OPDO executive committee member and head of the agricultural department.

#OromoProtests 9 June 2016 (Waxabajjii 9, bara 2016):   Yuuniversitii Haromaayyaatti dhiyoo doormiin barattoota dhiiraa gubatuu irraa kan ka'e mooraan

converted by Web2PDFConvert.com

yuunniversitichaa humna waraana Wayyaaneen kan toohatamee fi buufata waraana tahe gabaasuun keenya ni yaadatama. Haala kanaan barattootni waggaa tokkkoffaa baratanis mootummaan wayyaanee akka galan dirqisiisee akka galan taasifameetu jira. Guyya doormiin barattootaa gubatee kaasee barattootni hedduunis yeroodhaa yerootti hidhaatti guuramaa jiraachuunis hubatamee jira.
barattootni hedduunis kan gara qe'ee galan mooraa alatti tika diinaan butamanii mana hidhaa darbamaa jiraatuunis Qeerroon gabaasee jira.

---

#OromoProtests 9 June 2016: Dhaamsa hatattamaa qeerroo guutummaa oromiyaa keessa jirtaniif .Konkolaataan abbaan qabeenyummaa isaa kan tujaarota tigirootaa ta'e kun gidduu kana magaalaa naqamtee keessatti tarkaanffiin irratti waan fudhatameef mootummaan wayyaanee sodaa guddaa keessa seenuun humnoota federaalaa konkolaatota kanaaf ramaduun akka isaan dirqiin oromiyaa keessa hojjetan gochaa jira.Nuti qeerroon guutummaa oromiyaa keessa jirrummoo konkolaataa kana duwwaa irratti xiyyeeffachuu hin qabnu.Maaliif yoo naan jettan konkolaattonni kanneen akka
star bus, sky bus, tata fi kanneen albuuda oromiyaa saamuuf kutatanii ka'an fakkeenyaa dhagaa daalattii kan jedhamu kan naannoo mandii keessaa ba'u .Dhagaan kun albuuda oromiyaan yeroo ammaa kana albuda qabdi jedhamee abdatamu keessaa isa guddaadha.Kanaaf nuti qeerroon guutuu oromiyaa keessa jirru yeroo kamiyyuu caalaa tarkaanffii qabeenyaa diinaa fi lukkee lee diinaa irratti fudhachuuf qoophii ta'uu qabna.Kanaaf adaraa keessan yeroo tarkaanffii fudhannu bifa qindoomina qabuun hojjechuummoo akka qabnu isiniif eeruun fedha.

---

OMN: Oduu waxabajjii 9,2016




converted by Web2PDFConvert.com

OMN: Oduu waxabajjii 8,2016





#OromoProtests 8 June 2016: Naqamtetti Waxabajjii 08 bara 2016 qabeenyaa TPLF kan ta'ee fi SELAM BUS bakka kan bu'e Kan GOLDEN BUS jedhamu akka malee caccabsanii jiru. karaa Cinasaa fi Fuula duraan caccabee wajjira Polisii Ganda 07 fuldura dhaabachaa jira.

converted by Web2PDFConvert.com



# Waraanni Wayyaanee Godina Arsii Aanaa Roobee Ganda Suudee Sinbixaa Jedhamu Irraa Ummata Oromoo Hidhuun Nagaa Dhorkaa Jira.

June 8, 2016




Waxabajjii8,2016 Godina Arsii aanaa Roobee ganda Suudee sinbixaa jedhamutti Adda Bilisummaa Oromootif nama ijaaraa jirtu jechuun namoonni kudha shan har,a ganama qabamanii waajjira poolisii aanaa roobeetti hidhaa jiraachuun dhagayame isaan keessaa kan maqaan isaanii nu gahe
1 Kadiir kamaal
2 Jundii Amaan
3 Abbaas Huseen
4 Shamsaddiin Turii
5 Amiin kamaaloo
6 Ahmaddiin Huseen
7 Keeyruu Jeylaan
8 Muhaammad Tunaa jedhamu.

Gama biraan Yuuniversitii Haromaayyaatti dhiyoo doormiin barattoota dhiiraa gubatuu irraa kan ka'e mooraan yuunniversitichaa humna waraana Wayyaaneen kan toohatamee fi buufata waraana tahe gabaasuun keenya ni yaadatama. Haala kanaan barattootni waggaa tokkkoffaa baratanis mootummaan wayyaanee akka galan dirqisiisee akka galan taasifameetu jira. Guyya doormiin barattootaa gubatee kaasee barattootni hedduunis yeroodhaa yerootti hidhaatti guuramaa jiraachuunis hubatamee jira. barattootni hedduunis kan gara qe'ee galan mooraa alatti tika diinaan butamanii mana hidhaa darbamaa jiraatuunis Qeerroon gabaasee jira.

---

**Woyyaaneen Hidhaa Fi Ajjeechaa Sabboontota Oromoo itti fuftee jirti.**

---

Waxabajjii/ June 8/2016 galgala naannoo sa"attii 2:30tti nama lama harkaa fi luka hiitee fudhachuun namoonni ilaan dhaggan himan.

Namoota lamaan keessaa tokko Caalchisaa Daamxee jedhama. Obboo Caalchisaan kaadhimamaa dorgomaa Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataa (parlaamaa) OFC/Medrek kan 2007 Kan ture yo ta'u bakka hojiisaa University Rift Valley Kampaasii Labuu irraa har'a humnoota wayyaaneetiin ukkaamamee fudhatameera. Humnoonni tikaa Woyyaanee bakka hojiisaa universitii Riifti vaalii kampaasii labuu laaftooti waardiyaa reebanii dhiigsanii seenuun biiroosaa foddaa cabsanii isa fuudhanii bahan jedhama.

Woyyaaneen haga feetelle wixirattu barana kubbaan harka Oromoo jirti! Oromoottu

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

miidhaa jira isaan ofirraa ittissarra Jiru! Dargaggeessi Oromoo ofkennee woreegamaa jiraa waan dandeennu maraan bira haa dhaabbannu!

---

---

#OromoProtests 7 June 2016:

(SBO/VOL – Waxabajjii 07,2016) Akeekkachiisa Arifachiisaa Ilmaan Oromoo Sabboontota Caasaa OPDO Sadarkaa Garaagaraatti Argamtanii fi Addatti immoo Bulchiinsa Magaalootа Addaa Naannawaa Finfinnee Keessatti Argamtan Hundaaf Qeerroo Bilisummaa Oromoo Irraa Isiniif Dabarfame!!

Mootummaan abbaa irree EPRDF/TPLF lukkeelee isaa ulee diinaa kan taate OPDO fi ergamtoota diinaaf amanamoo ta'anitti dhimma ba'uun isin balleessuuf akkuma karoorfatanii fi dhaadachaa turanitti Sabboontoota Ilmaan Oromoo bulchiinsa Magaalootа addaa Naannawaa Finfinnee keessatti hooggantoota, kaabinootaa fi Ogeessoota Professionally ta'uun uummata tajaajilanii fi kanneen dhugaan roorrifamuun Oromoo isiniif galee Shira uummata Oromoo irratti gaggeeffama jiru fudhachuu diduun Oromummaan keessan isinitti dhaga'amaa jiruu fi uummata keessan cina dhaabbachaa jirtan hundi diinni shira ulfaataa kan ittin mana hidhaatti isin guuree isin rakkisu, lubbuu keessan Balleessuu fi Biyya irraa isin arii'achuuf karoorfate hojiitti hiikaa jiraachuu fi haala walii galaan rakkoo ulfaataa diinaan uummata keenyarratti dalagamuu fi rakkoo waliigalaatti furmaata gochuu akka dandeenyuuf dhaamsa armaan gadii saffisaan isiniif dabarsuuf dirqamnee jirra.

1. Ilmaan Oromoo Bulchiinsaa Magaalaa Sulultaatti Bulchaa Magaalaa Sulultaa nama maqaan isaa Masfiin jedhamuu fi Kaabineen Wajjiraa Fayyaa Sulultaa namni maqaan isaa Dirribaa Tolaa jedhaman kan keessatti argamaan walumaagalattii ilmaan Oromoo namootni 25 Yakka itti fakkeessii maqaa Malaammaltummaan poolisii federaalaan qabamanii hidhamuun isaanii ni yaadatama. Utuu yakka Malaamaltummaa ittisuuf ta'ee Ilmaan Tigiree fi Aangawootni TPLF kanneen akka Abboy Tsahaayyee, Azeeb Masfiin dabalatee hundii isaanii mana hidhaatti argamu ture. Garuu har'a Ijoolleen Oromoo dhugaa uummata Oromoo hubachuun dhugaa uummataa dura ragaa qabatanii dhaabbatan dhabuun uummata cina dhaabbachuuf waan murteessaniif dursanii hidhaattii darbamanii jiran irraa barnoota guddaa barachuu qabdu!!

2. Yeroo amma kanattis magaalota addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinneettii argaman kanneen akka Burraayyuu, Sulultaa, Laga Xaafoo Laga Daadhii, Aqaaqii Qaallittii, Duukam, Galaan, Bishooftuu, Sabbataa, Holotaa fi Sandaafaa carraan ilmaan Oromoo Sulultaa mudatee isiniif immoo kan caalu isiiniif qophaa 'aa jiraachuu walga'iiwwaan dhiyeenya yeroo yeroon angawoonnii fi ergamtootni amanamoo abbaa irree isin teessisaa jiranii fi ifattiis isinitti himuun isin doorsisaa jiran irraa isiniyyuu nu caalaa maaltu akka isin eeggatu hubachuu qabdu!!

3. Haqamuu qormaata kutaa 12ffaaf Sababni Guddaan Gaaffii Mirga abbaa biyyummaaf deebiin sirnaa dhabamuu fi Sochii Warraaqsaa FXG karaa nagaan gaggeeffamaa jiru irratti waraanaa addaa liyuhayilii fi agaazii fayyadamuun uummata Oromoo nagaa fixuu irraa ta'uu eenyuumaafuu gaaffii hin qabu. Dabalataanis barattootni Oromoo waraana kanaan hiraarfamaa, ajjeefamaa, madeeffamaa, barnootaarra arii'atamaa fi hidhamaa jiraachuun bara barnootaa 2016 kana guutummaa Oromiyaa keessatti sababaa kanaan barnootni kan hin kennamne ta'uun ifaa dha. Kanaafuu tarkaanfiin akka qormaatni kun utuu barattootni Oromoo barnoota hin baratiin qoramuu fi utuu Oromiyaan waraanaan hiraarfamtuu qorumsi kun kennamuun barattoota Oromoo fi biyyattiif miidhaa guddaa ta'uu hubachuun sirnichi kufaa ta'uu saaxiluuf tarkaanfii fudhatameen qormaatni haqamuun injifannoo cululuqaa sababa sochii warraaqsaa FXG ta'uun beekamaa dha. Ilmaan Oromoo tarkaanfii kana irraa barnoota argachuun bakkuma

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

jirtanitti utuu bu’aan dhuunfaa wayyaanee irraa argattan isin hin daangessiin uummata Oromoo roorrifamaa jiruuf dirmachuun bakka jirtanii fi aangoo irra jirtanitti fayyadamuun tarkaanfii fudhattaniin uummata keessan boonsitanii mataa diinaa gadi qabdanii Sochii Warraaqsaa FXG cina dhaabbachuu, itti makamtanii jiraachuu fi qooda guddaa bahachuun keessan ifaa dha. Ammas caalmaatti roorrifamuu fi hiraarfamuu saba keessaniif bakkuma jirtanitti gartuudhanis ta’ee nam-tokkeen diina afaan qawween Oromiyaa bitaa jiruu fi dhiiga dhangalaas jiru aangoo irraa qaarsisuuf ga’ee keessaan itti fufiinsaan akka ba’attan abdii guddaatu isin irra eegama!!

4. Gaaffii guddaan uummata Oromoo gaaffii mirga abbaa biyyuummaa, gaaffii bilisummaa, gaaffii mootummaa mataa ofii ijaarrachuu fi mootummaa uummata Oromoo bakka bu’u hundeeffachuu waan ta’eef, abbaan irree wayyaanee EPRDF/TPLF ergamtuu isaa OPDO addatti qabachuun uummata Oromoo lafarra fixuu dhaabee gaaffii uummata Oromoo kanaaf deebii akka kennuuf ilmaan Oromoo hojjettootni, Ogeessootni fi beektootni sadarkaa garaagaraa irratti argamtan kallattii hundaan dirmannaa fi dhiibbaa barbaachisu sirna nama nyaataa irratti akka gootan gadi jabeessuun dhaammanna!!

5. Ulee diinaa ta’uun Ilmaan Oromoo sadarkaa hundatti lafarraa fixaa kan jiran keessaa Muktaar Kadir, Bakar Shaallee, Asteer Maammoo, Kumaa Dammaqsaa, Abbaa Duulaa fi fakkaattoota isaanii ta’uu hubachuun sabboontootni ilmaan Oromoo sirnicha keessatti argamtan gadi fageenyaan caasaa sirna kanaan ijaarame irraa akka of eeggattan. Sirni kun akka diinaaf tolutti maqaa OPDO jedhamuun diinni namoota isaaf amanamoo fi ergamtuu ta’aniin ijaarrate kun ilmaan Oromoo kamiif iyyuu diina malee qaama mirga keessan kabachiisuu fi isin bakka bu’u akka hin taane hubachuun sirna badaa fi hirmii uummata keenyaa ta’e kana of irraa gara galchuu irratti akka fuulleeffattan dhaamsa keenya!!

6. Master Plan Finfinnee fi Magaalota addaa Oromiyaa ifaan ifatti ibsi fi labsiin baldhaan mootummaa Federaalaa irraa kennamee akka haqamu gadi jabeessuun gaafatna!!

7. Ilmaan Oromoo sababaa Oromummaa isaanii fi Sochii Warraaqsaa FXG Oromiyaa keessatti hirmaattee jirta jedhamuun sobaan himatamanii hidhaatti guuraaman hidhamtootni Oromoo hundi haalduree tokko malee hatattamaan akka hiikaman kallattii hundaan ilmaan Oromoo Poolisii, mana murtii, abbootii alangaa, abbootii seeraa hojjettoota fi ogeessootni sadarkaa garaagaraarratti argamtan dhiibbaa barbaachisu roga hundaan akka gootaan gadi jabeessuun waamicha lammummaa isiniif dabarsina!!


8. Manneen kondominium Magaalota naannawaa Finfinnee fi Naannawaa Finfinneetti Ijaaramanii jiran Hundaa kan hirmachaa jiruu fi carraa itti fayyadamuu kan argataa jiran sadarkaa 1ffaatti ilmaan Tigrota, sadarkaa 2ffaatti dabballootaa fi ergamtoota sirna wayyaanee dhalootaan Oromoo hin ta’iinitu itti fayyadamaa jira. Ilmaan Oromoo biyya abbaa isaanii irratti akka lammii 2ffaatti ilaalamuun hirmannaa qabeenya abbaa isaanii keessaa illee moggaatti dhiibaman. Oromoon sirnichuma keessatti ogummaa fi hojiilee garaagaraan argamu carraa kana dhorkatamee kan jiru ta’uun hubatamee waan jiruuf, Sochiin ijaarsa manneen kondominium fi ijaarsi kamuu fedhii uummata Oromoon alatti gaggeeffamaa jiru bakkuma jirutti akka dhaabbatuu fi manneen ummataa humnaan diiguun qe’ee irra buqqisaa waan jiranuuf uummata qe’ee irraa hin buqqaanu jedhee qe’ema isaa irratti dhumaa jiruuf dirmachuun qe’ee fi qabeenyaa isaa irratti sabni keenya wareegamee akka falmatuu fi carraan manneen kondominium ijaaramanii jiran carraan dursaa abbaa qe’eef akka eegamu ummatni keenya bakka hundaa harka wal qabatee ka’uun haa falmannu.
Injifannoon Ummata Oromoof!!
Gadaan Gadaa Bilisummaa Oromoo ti!!
Qeerroo Bilisummaa Oromoo
Oromiyaa, Finfinnee!!
Waxabajjii, 2016

> #OromoProtests 7 June 2016: **What could be the reason why OPDO gave 30 million birr to Mekelle Technical and Vocational Education and Training college? The source say its a payment for the demands made by ‘people of Tigrai’ during the organizations 25th anniversary which was when they were forced to admit they were founded in Adet, Tigray rather than Darra, Oromia.** J.M.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

# Waajjirri Guddu Galeessa OPDO Birrii Miliyoona 30 Koolleejji Teeknikaafi Uummaa Maqaleetiif Dabarsee Laatee Laate.Sababi Isaa Ummanni Tigray OPDO Ijaaruu Isaaniif Galateefachuuf Gumaata Kenname Jedhama.


June 7, 2016



The Secretariat of the Central Committee of O.P.D.O

1000006577737 ... (TVET) ... 1000012065705 ... 30,000,000.00 ...

... 1000006577737 ...



COMMERCIAL BANK OF ETHIOPIA

Account to Account Transfer

Branch: Golele Branch
Date: 16/05/15
Tran Ref: FT151367639L
Dr.AcctNo:1000006577737
Acct Name:O.P.D.O.
Debit Amt.ETB 30,000,000.00
Orderd By:
Cr.AcctNo:1000012065705
Acct Name:COMMISSION TIMHRTIN SILTENAN+/TV.T/ Mekelle
Credit.Amt: ETB30000000.00
Cal.Rate:
Narrative:REF ON 7.9.07

THANKS FOR CHOOSING CBE

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

OMN: Oduu Waxabajjii 7,2016




OMN: Oduu Wax. 6, 2016




## #OromoProtests 6 June 2016: Tarkaanfii Humnaa Mootummaan Oromiyaa Keessatti Fudhateef Kan Gaafatame hin Jiru: Gamtaa Medirek

http://www.voaafaanoromoo.com/a/tarkaanfii-mootumman-oromiyaa-keessatti-fudhateef-kan-itti-gafatame-hinjiru-jedha-medrek/3363996.html

converted by Web2PDFConvert.com

#OromoProtests June 6, 2016: Fascist Ethiopia's regime set fire on Kotobe University college on the night of 5 June 2016. Several Students were injured as fire razed the University College.




OMN: Oduu Wax. 5, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




#OromoProtests:(Waxabajjii/June 05,2016) Sabbataa fi Holotaa gidduutti kan argamu naannoo bosona Subbaa, Tulluu Hococaa biratti waraanni wayyaanee haleelamtee wayyaaneen reeffa loltoota ishee guurrachaa akka jirtu gabaafame. Tarkaanfii loltoota ishee irratti fudhatametti kan aarte wayyaaneen ABO tu itti gala waan ta'eef, bosonni kun gubachuu qaba waan jeetteef ummatni nu fixxu malee bosonni kun hin gubatu jedhanii akka dura dhaabbatan gabaafameera.

Guyyaa kaleessaa (Wax 4, 2016) Ayyaanni kabaja Odaa Diinshoo 130 oliif bade Yeroo jalqabaaf Godina Baaleetti ilmaan Oromoo Sikkoof mandoon akkasumas lammiilee Oromoo kutaalee Oromiyaa gara garaa irraa dhufaniin kabajamee jira. Ayyaana kana qeerron Arsii Sikkoo mandoo mormitti jijjiirun kaabinee fi sareewwan wayyaanee ofirraa ariitee jirti. Gootonni Arsii ijoollen Baalee tokkummaan diina dura dhaabbatanii falmachuif waadaa waliif galaniiru.
BARANNI BARA BILISUMMAATI.

OMN: Oduu Wax 4, 2016




Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

On 4th June 2016 Oromo national Tesfaye Erena Elema was killed by cruel fascist Agazi/TPLF Ethiopia's regime forces bullets in Kattaa near Burrayyu at 7:30 PM.

Waxabajjii 4 bara 2016 Burraayyuu ganda Kattaa keessatti sabboonann Oromoo, Tasfayee Irranaa Elemaa Wayyaaneen ajjefamuun beekame. Tasfayee Irranaa Elemaa dhaloonni isaa Shawaa Lixaa Aanaa Abbunaa Gindibarat ganda Dhagaa Xinnaa naannoo Mudhamaa jedhamutti.



---

#OromoProtests 5 June 2016. Odeeffannoo Waxabajjii 5 Bara 2016: Mootummaan wayyaanee Yunivarsiitii Mattuurraa barattoota maqaansaanii armaan gaditti argamu kanneen, erga ji'oota sadiif ukkaamsee fudhateen booda mirga wabiitin gadhiisullee, bulchiinsi Yunivarsiitii mattuu fi mootummaan walii galuun akka barattoonni kunniin waggaa tokkoof Yunivarsiiticharraa ari'aman godheera !

1, Baacaa Fiqaaduu (departimentii seeraa waggaa 2ffaa)
2, Barinaan Jifaaraa (departmentii mechanical engi. waggaa 2ffaa)
3, Dannoo hindhibuu (departimentii seeraa waggaa 2ffaa)
4, Mitikkuu Addunyaa (departimentii afaan Oromoo waggaa 2ffaa)
5, Naatin Boon (departimentii Oromoo Foklorii waggaa 2ffaa) fi
6, Tarreessaa Addunyaa (departimentii Oromoo Foklorii waggaa 2ffaa) ti.

---

## Qaroon Oromoo Kan Ta'e Dr.Daaniel Gizaachoo Magaalaa Jimmaatti Lubbuun Dabarte

June 4, 2016






Waxabajjii 4,2016, Dr, Daaniel Gizaachoo muummee medicin Yuunibarsiitii Jimmaatii bara 2016 kana keessa eebbaaf kan qophaa'u yoo ta'u,Akka Xoophiyaatti barattoota fayyaa ciccimoo 6 filatamanii barnootaaf biyya Jarman deemuuf jedhan keessaa tokko yoo ta'u. Doktor Daniel sabbooummaa isaan nama haalaan jabaa fi qabsoo Oromoo gadi fageessee kan hubatu ta'uun beekama.

Dr,Daanie'l waldhaansaaf Hosptala Jimmaa seenee hadoochaa qaamni isaa fudhachuu dandayuu ol waan itti kennameef jecha lubbuun isaa dabartee jirti. Waaqayyo jannata isaa haa banuuf,maatii isaafis jajjabina haa kennuuf jedha Qeerroon Bilisummaa.

---

#OromoProtests 5 June 2016: This piece of paper contains plight of four Dire Dawa University students who are being held underground at one of the military camps. They appeal to their fellow citizens to save them. The letter was found on street near the camp.
The letter lists four students, their department, year and place of birth)
1. Gada Ebisa, English 2nd yr ( from Mandi, West Walaga)
2. Amanuel Etefa, Sport 3rd yr ( Dambi Dollo, Qellam Walaga)
3. Oli Zewde, Law 2nd yr ( Mandi, West Walaga)
4. Bedhasa Endale, Biology 2nd year (Naqamte, EastWalaga)

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



#OromoProtests 4 June 2016: Waxabajjii 4/2016 G/h/lixaa Aanaa doobbaa magaala caffee baantee keessatti nama maqaan isaa ahmadyasin harun jedhamu polisoni tumanii hidhatti yeroo oofan qeerroon gurmuudhaan poolisii dura dhabatee irraa buufte. sababa kanaaf guyyaa arraa jechuuniis Waxabajjii 5/2016 alada arraa feedaraaloonni dhufanii dachii balleesan baratootaafi jiraattoota magaalaa caffee qabanii hidhatti guuran. haatahuu garuu muraasni qeerroo mana hidhaati faca’uudhaan harkaa bahani jiran.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

#OromoProtests June 4, 2016 in Asabot town, Hararghe, Oromia.



#OromoProtests June, 03/2016: Solidarity rally at Brussels, Belgium, June, 03/2016



Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com










Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Hiriira Mormii Gamtaa Awurooppaa(EU) Fuulleetti Taasifame. (Waxb. 05, 2016)




#Oromoprotests June, 4 2016 (Waxabajjii 04,2016): Wayyaaneen erga ayyaanni ishee Ginbot 20 darbee asitti ummata Oromoo irraa isa dhumaa abdi kutatteetti. Kanarrayyuu darbee hojjetoota isheerraas kan dhumaa abdii kutattee jirti.
Ayyaana kanaan wal qabsiisee abdii kutannatti kan ishee geesse Finfinnee kutaa magaalaa Nifaas Silkii Laaftoo irraa kaasee akkasuma kutaa magaalaa Finfinnee keessa yoo ilaalamu kutaa magaalaa tokko keessatti xalayaadhaan namoota 500 hanga 1000tu waamame. Kan argames Tigrootaa fi Amaarota darbee yoo baayyate hanga nama 40 hin caalle ture. Finfinneetti namooti ayyaana ishee irratti argaman firoota ishee qofa. Oromiyaatti kanneen akka Godina Shawaa Lixaatti maqaadhumti waggaa 25ffaa Ginbot 20 jedhamu hin kaafamne. Magaalota tokko tokkotti ammoo harka qalleeyyii sabummaan Oromoo hin tahin qarshiidhaan gowoomsanii ayyaana isaaniitti waammatanii turan.
Torbee kana keessa wayyaaneen sadarkaa saree maraatuu ta'uudhaan waraana ishee Oromiyaa keessa bittimsitee jirti.
Ummanni amma ifatti ABO jedhee beeksifateera. Maanguddoo fi xixiqqaan keenya Oromoon ABO beeka malee wayyaanee hin beeku jechuun dubbachuunis diina rifaatuu guddaa keessa seensisee jira.
Haala kanaan barattota gooluun hanga ariyuutti deemaa jirti. Kaleessa Yuniversitiin Haromaayaa gubatuudhaan har'a barattootni yuniversitichaa waggaa tokkoffaa baratan mooraa akka gadhiisan murtiin irratti darbe. Dirre Dawaatti akkasuma barataan hordofamee qabamaa jira.
Kun hunduu wayyaanee kan raasaa jiru kan hin hafneef soda Qeerroo irraa qabduuni. Addatti torbeen kun mootummaa wayyaaneef aarii fi hamilee kan dhabde siyaasa isheettis kan kufaatii dhumaa keessa buusee jiru tahuun kan ifatti mul'atee jiruu dha. Yuniversitiileen hundumtuu amma humna waraanaan marfamanii eegamaa jiru.
Injifannoo Ummata Oromoof!

## OMN: Oduu Wax. 3, 2016

OMN: Oduu Wax. 3, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




OMN: Oduu Wax. 2, 2016




**#OromoProtests News (3 June 2016):In another dramatic turn of events, Bekele Gerba attended court naked ( only underwear) and not even shoes and socks. The took this unusual step after they were prevented from wearing black color cloths.**

#OromoProtests News (3 June 2016): The TPLF regime expels the entire class of 1st year engineering students of Haramaya University. This decision is passed in the name of the university senate but sources tell us that the faculty including the president are strongly against it. The decision is attributed to the security command post using the chairman of Board of Governors Mr Sileshi ( Minister of Fish) to over rule the faculty. The students are vowing not to leave campus until the entire university is closed down. You might recall that students have been boycotting class for the last three weeks demanding release of their classmates and removal armed forces from campus.

Waxabajjii 03/2016: Warraaqsii Biyyoolessa OromiyaaFXG kan Gootota Barattoota oromoon Daran itti jaabatee Bulchiinsi Yuunibarsiitii Haroomaayaa Baraattootni Engineering Waggaa 1ffaa Guutummaatti Mooraa Gadhiisanii Akka Ba'an Murteesse,

Mooraan yuunibarsiitii Harammayyaa dirree waraanaa fi mooraa waraanaatti kan jijjirame fakkata. Bulchiinsi Yuunibarsiitii Haroomaayaa beeksisa ganama har'aa baaseen barattootni Engineering waggaa 1ffaa mooraa gadhiisanii akka bahuu qaban ibseera. Barattootni Oromoo Yuunibarsiitii Haroomaayaa baatiiwwan ja'aaf mormii gaaffii abbaa biyyummaa Oromoo kan itti fufan yommuu tahu, Waraanni Agaazi Barattoota Oromoo lama rasaasaan ajjeesuu fi barattoota hedduu rasaasaa fi boombiidhaan madeessuun gocha sukaneessaa raawwachaa jira.Baatii darbe irraa eegaluudhaan barattootni Oromoo mooricha keessa jiran osoo obbolaan keenya ajjeefamaa jiranuu, osoo hiriyootni keenya mana hidhaatti dararamaa jiranuu. gaaffiin ummata Oromoo hanga deebi'utti daree seennee hin barannu jechuudhaan ibsa ijjannoo jabaa baafataniiru. Bulchiinsi Yuunibarsiitichaas beeksisa dhaadannoo guyyaa kenname keessatti barnootatti hin deebitan taanaan yuunibarsiitichi guutummaatti cufama jechuun maxxansaa tureera. Guyyoota lamaan darbanittis guyyaa lama keessatti deebi'uu qabdu jechuun beeksisa baaseera. Barattootni Oromoos osoo mooraan qubsuma waraanaa tahee jiruu hin barannu jechuun ijjannoo isaanii itti fufaniiru. Waraanni Agaazii kaleessa galgala doormii barattootaa gubuudhaan isintu gube jechuun barattoota irratti rasaasa roobsaa buleera. Dararaa fi hidhaan barattoota irratti hammaachaa dhufe. Bifuma kanaan baatiiwwan ja'an kana keessatti doormiiwwaan barattootaa lakk.ja'a tahan waraana Agaaziitiin gubataniiru.

Kuni kanumaam osoo jiruu bulchiinsi Yuunibarsiitii ganama har'aa beeksisa

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

baaseen barattootni Engineering waggaa 1ffaa waraqaa eenyummaa, kaardii nyaataa fi qabeenya yuunibarsitichaa guutummaan deebisanii mooraa akka gadhiisan ibsee jira. Barattootni mooraa kaawwan keessa jiranis ijjannoo isaanii itti fufnaan yuunibarsiitichi guutummaatti akka cufamu ifaadha.
Barattootni Yuunibarsiitii Haroomaayaa Barattoota Oromoo Yuunibarsiitota biroo keessa jiraniif,"Hanga gaaffiin abbaa biyyummaa Oromoo deebi'utti murtoo keenya kana akka fudhattan waamicha isiniif dhiyeessina"jechuun dhaammataniiru.



June 2, 2016

**Waxabajjii 2,2016/Barattooti Oromoo Kolleejjii Barsiisota Maattuu Baratan 6 Badiin Tokkoon Malee Barnoota Irraa Arihamuu Itti Gaafatamaan Kollojjechaa Ato Yidneqacho Tasfaye Barattoota Beeksisan.**

Baratooti maqaan isaanii kanaa gadii yeroo ammaatti kanneen arihamani dha.

1. Masfiin Abdataa barataa sportii waggaa 2ffaa
2. Yoonaas Urgeessaa bartaa isportii waggaa 3ffaa
3. Shibbiruu Abdiisaa barataa Sportii waggaa 2ffaa
4. Daani'eel Caalaa barataa ispoortii waggaa 3ffaa
5. Baayisaa Daksiisaa barataa sifiikii waggaa 3ffaa
6. Sanbataa Wandimmuu baraataa waggaa 2ffaa

## Diddaa Barattooti Oromoo Yuniverstii Wallaggaa Keessaan Wal Qabatee Waraanni Wayyaanee Mooraa Keessa Qubachuun Barattoota Goolaa Jira.

June 2, 2016

**Waxabajjii 2,2016 Naqamte**





Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Yunivarsiitii Jimmaatti GDASAO(Gumiin Dagaagina Aadaa fi Seenaa Afaan Oromoo) Gaggeessa Waggaa Taasifate

June 2, 2016

**Waxabajji 2,2016**

Guyyaa har'aa Yuunibarsiitii Jimmaatti GDASAOn Qophii bareedaan galgala kana barattota moorichaan gaggeessaan waggaa tasifamee jira Qophiin kun Eebbaan kan eegale yoo ta'u, Qophii kanarratti Walleewwan hedduun Waltajicharraa barattootaaf banamanii barattoonni gamtaan dhiichisaa turan,Walaloowwaaniif Dhaamsa garaagaraas irratti waliif dabarfamaa ture, Keessattuu Qophii har'a godhamerratti Hirmataa qophichaa kan ture,Barataa Bara darbe Barnoota Social science Geeba kaase,Dhalootaan Oromoo kamisee ta'ee Lecturerf kan moorichii waammate,Dhaamsa Walloo kamiseef Uummata Oromoo Raayyaa Aseeb jiran irraa Fuudhe Qeerroowwaan Golee Oromiyaa Maraaf Ergaa nama boosisu akkasiin dabarseef..

"Elaa yaa Dhiigakoo iImaan Aayyaa isin kan Oromiyaa keessatti dhalattan garbummaa waggaa dhibbaaf bohaa jirtu,Aniif hawwaasni ani keessatti dhaladhe garuu,Garbummaa Waggaa Dhibba afurii baannee siqiqaa jirra,Dhaamsi haawwasikoo isiniif dhaaman,tokko taanee garbummaa keessaa wal haa baasnu,Elaa Obbolaan keessan Ijoolleen Wallo Kamiseetiif Raayya Aseeboorraa dhufan,Dugugguruu lafee keessaniti lafee keessantu cabe Garbummaatu humnaa ol irra turee Afanis akka dagatan danqe,Adaraa Ofitti Nuuf qabaatii afaan keenya ka galaana miilu san nuuf barsiisaa!! Aadaa keenyas nuuf barsiisaa!,Nuti wal malee humaa hin qabnu" jechuun ergaa osoo dabarsuu ijji barattootaa Dirree Xiqaarraa(Minstadium) Keessa ta'anii imimmaan calale,Imimmaan Jaalala Imimmaan Oromummaan dhaamsaa isaa fudhaaniif, Dhumarrattis Waltajjiin Sirba Tokkuummaa Uummata Cunqurfamoo sirbuun Gengoo ykn O Uumuun harka wal-qabatanii,Waadaa Oromummaaf Waadaa
Tokkummaan Waltajjicha haala Gaariin Xumurani.

## "Abbaan Biyyaa ABO Dha" Jedhu Daa'imman Warraaqoo Godina Hararge Lixaa Magaalaa Asabooot.

June 2, 2016

**Waxabajjii 2,2016 Guyyaa har'aa gootonni Yeeyyiin warraaqsa Oromoo magaalaa Asaboot keessatti "Abbaan biyyaa ABO dha" jechuun dhadhachaa oolan.**

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

(SBO/VOL – Waxabajjii 02,2016) Waxabajjii 01/2016 Warraaqsaa Biyyoolessa Oromiyaa FXG marsaa 5ffaa Caamsaa 30/2016 Godina Kaaba Shaggar Saalaalee Aanaa Kuyyuu Magaalaa Gabra Gurraachaatti gaggeeffame irratti Tarkaanfii Diinummaa Waraanni Agaazii fudhateen Sabboonaan Oromoo Obboo Toleeraa Ijaaraa Wareegamuun guyyaa har'aa Uummatni Oromoo kumootaan lakka'aman dhaadannoo fi dheekkamsaa guddaa dhageesisuun sirni awaalcha isaa rawwate.

Guyyaa dheengaddaa Salaalee gabra Gurraachaatti Warraaqsii jabaan qabsiifamee gaggeeffamaa oluu gabaasuun keenya ni yaadatama. Warraaqsaa kana irratti tarkaanfiin diinummaa waraanni agaazii wayyaanee gaasii Summaa'a uummatarratti dhukaasuun fudhateen sabboonaan Oromoo Obboo Toleeraa Ijaaraa abbaan maatii ijoollee sadii ukkanfamee Wareegamuun isaa uummata Oromoo Aanaa Kuyyuutti kan dhagaa'amee fi hedduu dheekkamsiisaa jiru yoo ta'uu, Waxabajjii 01,2016 Sirni awwaalcha isaa Aanaa Kuyyuu Gabra Gurrachaatti bifa adda ta'een bakka sabboontootni fi qeerroon dargaggootni Oromoo argamanitti uummata gara kuma 4000 olitti lakka'amuun kan gaggeeffame ta'uu madden keenya Gabra Gurraacha irraa gabaasan.


Uummatni Oromoos kaayyoo Toleeraa Ijaaraa goonni Oromoo kun irratti wareegamees galmaan ni geenya, dhumnee dhabamna malee mootummaa gabroomsaa jalatti deebinee hin bullu jechuun dhaadannoo guddaa dhageesisuun sirni awwaalcha isaa bifa adda ta'een gaggeeffamera. Waraabbii video fi suuraalee sirna gaggeessaa sabboonaa Oromoo kana irratti waraabame kan isin qaqqabsiifnu ta'uu ni hubachiifna!!

Injifannoon uummata Oromoof!!



June 2, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




**Waxabajjii 2/2016 Hidhamtootni Oromoo 32'n Kanneen Magaalaa Finfinnee Kutaa Bulchiinsa Boolee Keeaatti Utuu Afooshaaf Walitti Qabamani Jirani Qabaman Guyyaa Kaleessa Waxabajjii 1/2016 Wayita Mana Murtii Lidetatti Dhiyeeffamanitti Uffata Gaddaa Uffachuun Hacuucaa Fi Daraaraa Irra Ga'aa Jiru Balaaleffatan.**

Mani murtii Wayyaanee qofaaf dalaguu fi ilmaan Oromoo irratti daba dalaguu irraa duubatti hin deebine ilmaan Oromoo daraaraa fi hirraasa maqaa Oromummaa isaanii qofaan yakkamaanii fi gochaa suukkaneessa isaan irra ga'aa jiruu fi sobaan himatamaa jiraachuu balaaleffachuun uffata gaddaa uffataan aangawootni abbaa irree Mana murtii wayyaanee wal ta'uun Uffata isaanii kana dirqamanii akka baafatan gochuun mirga namummaa irraa sarbee uffata irraa baasuun gara mana hidhaa Qilinxootti kan deebise ta'uu saaxilame.

Hidhamtootni ilmaan Oromoo mirga hidhamaan seeraa tokko illee qabu dhabuun uffata gaddaa maaf uffattaan jedhamani illee utuu hin gaafatamiin uuffata isaanii kana akka of irraa baafatan dirqisiifamuun kan baafatan yoo ta'uu mirgi dhala namummaa isaanii sabamaa jiraachuun hubatamee jira.

Walumaagalatti haalli qabinsa mirga hidhamtoota Oromoo yeroo irraa gara yerootti hammachaa fi haalaan kan nama gaddisiisuu ta'aa waan jiruuf Dhaabbileen mirga namummaa Addunyaa Amenisty International , Human Right watch , Dhaabbileen mirga Dhala namaa Gaafa Afrikaa, mootummootni fi biyyootni leelliftummaa mirga dimookiraasii fi dhala namaaf waardiyaa dhaabbattan ilmaan Oromoo manneen hidhaa Impayera Ethiopia bakkoota garaagaraa keessatti dararamaa jiraniif dirmannaa akka gootan Qeerroon bilisummaa Oromoo gadi jabeessuun dhaamasa dirmannaa dabarfanna!!

---

## Godina Kibba Lixa Walisoo M/B Garasuu Dhukii Sadarkaa 2ffaa fi qopha'inaa akkasumas Walisoo fi Magaalaa Walisoo keessatti FXG itti fufe.

June 2, 2016




**Warraaqsii FXG marsaa 5ffaan kun Godina Walisootti Caamsaa 26 /2016 Irraa eegaluun kan eegalee fi addatti immoo gootootni barattootni Oromoo M/B sadarkaa 2ffaa fi qophaa'ina Garesuu Dhukii adda durummaan warraaqsaa kan finiinsan yoo ta'uu,** mootummaan Wayyaanee Tajaajila network balleessuu irratti xiyyeeffachuun sochii uummata ukkamsuuf yaalii gudda godhus warraaqsii FXG kun afaan qawwee fi loltuun ukkanfamuu kan hin dandeenye ta'uun itti fufuun warraaqsii daran jabaachuun finiina jira. Gootootni barattootni Oromoo gaaffii mirga abbaa biyyummaa gaafachaa jirruu fi mirgi bilisummaa saba keenya hanga kabajamuu fi waraanni wayyaanee Oromiyaa fi dhaabbilee barnootaa gadhiisee hanga bahuutti warraaqsii FXG hin dhaabbatu, qormaata utuu hin baratiin hin qoramnu, sirni barnootaa waraanaan nu jalaa ugguramеef mootummaan wayyaanee itti gaafatamuu qaba, hidhamtootni Oromoo hundi haalduree tokko malee haa hiikaman jechuun gaaffii isaanii finiinsuun warraaqsa qabsiisan. Sochii Warraaqsaa Oromiyaa godinichatti jabaachaa dhufuun wal qabatee waraanni agaazii gootota barattoota Oromoo M/B Garesuu Dhukii sadarkaa 2ffaa fi Qopha'inaa mooraa mana barnootaa seenuun barattoota waraana agaaziin kan goolaa jiruu ta'uu fi barattootni Oromoo 6 humna waraana agaaziin ukkanfamuu kan hidhaman ta'uun ibsame jira. Barattootni Oromoo Wallisoo M/B Garasuu Dhukii irraa ukkanfaman

1. Barataa Misgaanaa Dhiinsaa , kutaa 9ffaa
2. Barataa Guutamaa Rundaasaa, kutaa 9ffaa
3. Barataa Alamayyoo Rundaasaa, kutaa 9ffaa
4. Barataa Xurunaa Kitaabaa, kutaa 10ffaa
5. Barataa Waggarii Birhaanuu , kutaa 9ffaa kanneen keessatti argaman

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

barattootni Oromoo 6 humna waraana agaaziin kan ukkanfamani hidhatti darbataman ta'uun ibsame jira. Humni waraanaa agaazii fi poolisiin federaalaa gara godina kanatti guuramaa jiraachuun ifa ta'eera. Warraaqsii uummataa Godina Kibbalixa Shaggar Walisoo magaalaa hanga gandoota baadiyyatti illee yeroo irraa gara yerootti jabaachaa jiraachuu madden Qeerroo Magaalaa Waliisoo irraa gabaasan.

---

https://youtu.be/a6vRNWIWnpw

https://www.oromiamedia.org/2016/06/01/omn-oduu-wax-1-2016/

https://youtu.be/ijl0O-q_zpA
https://youtu.be/PptejEU8ud0

---

#OromoProtests in Langey, East Hararge, May 31, 2016
https://soundcloud.com/jawar-mohammed/1464734538198992a

---

Caamsaa 31, 2016 Godina Lixaa Shaggar Aanaa Ada'aa Bargaatti Warraaqsii biyyoolessaa Oromiyaa FXG marsaa 5ffaan Gootota barattoota Oromoo M/B Sadarkaa 2ffaa fui Qophaa'inaa Incinniitiin guyyaa kaleessa irraa eegaluun finiinee itti fufe!!

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




(June 1, 2016): Sochii warraaqsaa FXG marsaa 5ffaan kun daran jabaachuun gootootni barattootni Oromoo Aanaa Adaa'aa Bargaa Magaalaa Incinnii fi M/B Incinnii keessatti qabsiisan Nuti Barattootni utuu torbee tokkoillee nagaan hin Baratiin baatii 6 guutuu mirga uummata keenya sarbameef gaaffii mirga abbaa biyyummaa fi kabajamuu mirgoota namummaa fi dimookiraasii dhiyyeeffachuun hanga har'aa deebiin tokko illee nuuf kennamuu dhabuu fi torbee tokko illee nagaan sirni baruu fi barsiisuu utuu nuuf hin kennamiin qormaata kutaa 12ffaa fi 10ffaa Oromiyaa keessatti barattoota Oromoof kennuun dabaa fi Shira ittin uummata Oromoo miidhuuf dalagamaa jiru waan ta'eef ni balaaleffanna jechuun hanga gaaffiin mirga abbaa biyyummaa deebii argatuu fi bilisummaan uummata keenyaa mirkanaa'utti warraaqsaa keenya isa xummuraaf gaggeessa jirruu irraa duubatti hin deebinu jechuun bifa haaraan warraaqsa dhoosuun diina wawwachisaa jiraachuun ibsatan.

Mootummaan abbaa irree Wayyaanee humna waraana isaa barattoota irratti bobbaasuun Barattootni Oromoo hedduun isaanii humna waraanaan qabamuun Magaalaa Incinnii irratti hidhamanii jiran keessa barattootni Oromoo 4 immoo humna waraanaan butamanii eessa buuteen isaanii kan hin beekamne ta'uun ibsame jira. Sochiin warraaqsaa FXG uummata Oromoo humna Waraanaan dhaabbachuu hin danda'u guyyaa ha'as Godinaalee Oromiyaa garaagaraa keessattis itti fufee jiraachuu Qeerroon gabaase.

About these ads




## Share this:

Facebook 11 | Twitter | LinkedIn | Google | Telegram | WhatsApp | Skype | Pinterest | Reddit | Pocket | Tumblr | Email | Print | Instagram

★ Like

4 bloggers like this.

### Related



Oromia: #OromoProtests: Gabaasa Fincila Xumura Garbummaa (FXG) Oromiyaa 2016 (March)

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

In "#OromoProtests"



Oromia: #OromoProtests: Gabaasa Fincila Xumura Garbummaa (FXG) Oromiyaa 2016
In "#OromoProtests"



Oromia: #OromoProtests: Gabaasa Fincila Xumura Garbummaa (FXG) Oromiyaa 2016 (April)
In "#OromoProtests"

## Comments»

No comments yet — be the first.

### Leave a Reply

Enter your comment here...



Follow

Follow "OromianEconomist"

Get every new post delivered to your Inbox.

Join 3,180 other followers

Enter your email address

Sign me up

Build a website with WordPress.com

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com